

**The Qur'an and the Sunnah:
The Time-Space Factor**

Taha Jabir Al Alwani

Imad Al Din Khalil

**Murtiin Qur'aanaa Fi Sunnaa
Akka Ilaalcha Yeroo Fi Bakkaatti
Qopheessitoonni:**

Xaahaa Jaabir Al Alawaanii Fi

Iimaadadiin Kaliil

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al

Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C

DF-E-TrBs-17/28

Gulaaltonni: -Dr. Anas sheekh Ali, Dr. Riyaad
Nuurallaah Mas'uudRashiid

Dhaabbata; Maxxansaa fi Xiinxala Islaamaa
Addunyaa

Herndon Virginia USA, London UK

Maxxansaa Jalqabaa: Afaan Ingiliffattiin Bara
1991 Fi 1995

Libaanoos, Daar Ibn Hazmiin Keessatti
Maxxanfame

Yaadachiisa Gulaaltotaa	4
Qur'aanni; Madda Jalqabaa Kan Beekkumsaati	8
Amaloota Qur'aana Muraasa -----	21
Hubannoo Sunnaa Isa Sirrii	62
Rakkoowwan Hawaasa Muslimaa Injifachuu	
Keessatti Ga'ee sunnaan qabdu	63
Rakkina Hiikama Jechaan Jecha Hiikuu Sunnaa	
Keessatti	65
Ga'ee Sunnaan Haarawoomsa Hawaasa Muslimaa	
keessatti qabdu.....	67
Guduunfaa	70
Qur' aanaa fi Saayinsii Ammayyaa;	
Qalbeeffannoota Malaa	71
1. Falaasama Saayinsii, Kaayyoowwaniifi	
Bu'uraawwan Islaamummaa.....	74
2. Maloota	79
3. Dhugaawwan.....	84
4. Hojii irra oolmaa	88

Yaadannoo Gulaaltotaa

Yeroo dheeraadhaaf, Qur'aanaa fi Sunnaan¹ maddoota ciccimoo fi qulqulluu beekumsaa fi kaka'umsa hawaasa Muslimaata'anii osoo jiranuu², garuu xiyyeeffannoon isaaniin malu hin kennamneefi. Haalli Kun, daangeffamaa akaakuu tokko ykn lama qofa irratti xiyyeeffatamuun dandeettii madda kanaa akka hindhugamne godhuudhaan hawaasa Muslimaa guutuu faayidaawwan garagaraa Qur'aanaafi sunnaa irraa argaman dhabsiisee jira.

Yeroo ammaa, hawaasni Muslimaa rakkoowwan isaa caalaatti hubataa waanjiruuf, akkasumas huumnota dhokatanii fi ga'ee seenaa fi qaroomina hooggansa fooyyessuuf qabu irraa Kan ka'e, dhimmi haroo maddaa kana irratti irkachuu caalatti barbaachisaa ta'eera. Maddoonni lamaan kanneen irra deebi' uun ilaaluun, kana booda waa'ee hayyummaa akaadamii miliquu

¹ **Sunnaa**; - Jechuun-jechatti karaa ykn xurree sirritti ba'e jechuudha. Wanta Nabiyyiin jedhan, hojjatan, itti walii galan ykn balaaleffatan ibsa. Sunnaan madda shari'aa fi Qur'aanatti aanee mirkaneessaa seeraati . Akka madda shri'aatti, sunnaan hukmii Qur'aana keessaa argame deggera.walumaa galatti jechi sunnaa kan jedhu seera haala bulmaata jiruu dunyaa kan ibsuudha. 2-^{ffaa}, sunnaan ibsa Qur'aanaa ofkeessatti qabaachuu danda'a. 3-^{ffaa}sunnaan hukmii Qur'aanni itti caldhise ofkeessatti qabaachuu danda'a.

² **Ummaa** [lakk. Baay'ee umam] ; -Hawaasa, ummata jechuudha.

dhaan yeroo dabarfannaa osoo hin ta'in imala guddoo argannoowwan abdachiisaa Kan asiin dura hin beekamne nu gonfachiisuudha.

Akkuma adeemsagurguddoo argannoo kamiituu, deemsi kunis rakkoo fi bu'aa ba'ii heddu keessa dabruun furmaata ga'aa argamsiisee jira. Kanaaf, fedhiin kaayoofi ergamafuulduraa jiraannaanharka duwwaa, lubbuu duwwaa ofduuba deebi'uun hin jiru.

Badhaafni akka dandeettii ilma namaatiif kaayyoo Rabbii caalatti hubachuu, jiruu madaalawaa kaayyoo qabdu deebisuun argachuu, kabaja, nageenya fi walta'uumsahawaasa Muslimaa qofa osoo hin ta'in addunyaa guutuuf argamsiisuun ni danda'ama.

Barruu kitaaba kanaa kan jalqabaa keessatti, Dr. Xaahaa J. Alwaaniin akka Qur'aanni madda beekumsaa Rabbiin biraa dhufeefi faalama irraa Rabbiin (SW) kan Tikfame ta'e akka ta'e Yoo ibsu : madda yoo sirnaan hubatame qofa bu'aan isaa beekamuudha. Dr. Alwaaniin haalli Qur'aanni itti qara'amu sadarkaawwan lama akka jiran ibsa. Isaanis: Kan jalqabaa dagaagina qalbii kan olkaasu fi kan lammaffaa ilma namaa ardii tana irratti hojii gaarii dhaaf kan jajjabeessu ta'u ibsuudhaan ilmi namaa akka *khaliifaatti* hojii gaarii raawwachuuf taateewwan addunyaa haala kallattii sirraawwaa ta'een qo'achuu

Imalli muslimoonni bara durii jiraatan sochiiwwan hawaasummaafi jijjiirama seena qabeessaafi ittigaafatama ilmi namaa ardii tana irratti qaban uumuudhaan rakkoowwaniif morkiiwwan yeroo ammaatiif barafuuldurattillee isaan qunnamuu danda'an injifachuuf dandeettii muslimootaa qaruu akka danda'an hubannoo ga'aa uumuu qaba. Barbaachi kun muslimoota kan walitti dhiheessu akkasuma ilmanamaa waliti kaleessuu kan danda'uakkasumas, sadarkaa o'aaanatti rabbi keenyanis kan walitti nama nama dhiyeessuudha.

qabu jajjabeessa. Dubbii ijoo lamaan kana walitti qabatti dalagaa irra oolchuuf fi madaallii jidduu lameenii eegsisuun haal-duree badhaadhina addunyaa kanaatiifi kan addunyaa tanaallee ta'uu isaa ibsa

Dhaloonni dabran akkataawwan Qur'aanaa fi waa'ee jereenya du'aan boodaa irratti xiyyeeffataa turan. Wahyiin akka madda fiqii fi seeraatti ilaalamaa ture. Hubannaan Qur'aanaa akkanaa faayidaa Qur'aanaa yeroof bakka adda addatti qorachuuf fedha jiru yeroo dheeraadhaafi ittisee tursiise. Sababani Dr Alwaaniin rakkoowwan hubannoo Qur'aanaa haala haarawaa fi haala guutuudhaan qayyabachuun barbaachisaata'uu isaa deeggeruuf kanaafi.

Haala walfakkaatuun, mata dureen barruu Dr. Alwaannii lammafaan sunnaa sirnaan dubbisuun kaayyoowwan Nabiyyii Muhammad caalaatti hubachuufi dabalataanis, sunnaa isaanii qalbii raawwii qabatama qabuun hubachuun haala

ulaagaawwanhiika qabaniif kan yeroo amma keessa jiraannuutiinii fi bakka keessa jiraannuutiin hubachuudhaaf mijaa'aadha.

Dr. Imaad Diin Kaliil gama isaatiin, mormii Qur'aanni kitaaba barnootaa saayinsiitii miti jedhu kaasuunhariiroo odeeffannoon saayinsiin fi qur'aanni waliin qaban yoo himu isa fuulletti dhugaawwan saayinsii ykn ragaan saayinsii keessatti argamaniidha. Akka ilaalcha isaatti, Qur'aanni odeeffannoo saayinsii ibsan kanneen sirnaafi mala ittiin qo'atan jijjiiramaa hin taanefi guutuu ta'e kan jijjiirama yeroofi bakaa irraa bilisa ta'e dha qaba.

Waggoota dhihoo kana, yaadonni hubannoo Qur'aanaafi sunnaa haaraan akka barbaachisu akeekan baay'inaan dhiyaataa jiru. Kitaaba kana keessatti, Dr. Alwaaniif Dr. khaliil hayyoonni muslimaa lamaan ilaalchawwan isaanii maddaawwan kanneenitti Nama dhiyeessan daangaa Islaamummaa Keessatti fuulduratti muldhisanii jiru.

1. QUR'AANA: MADDA BEEKUMSA JALQABAA

Islaamummaan Ergaan XumuraaKan taate, raajiiwwan akka araaramaa, ifnanaafi qajeelfama, akkasumas dawaa uumama maraati.

Rabbin akki jedhe:

وَمَا أَرْسَلْنَاكَ إِلَّا رَحْمَةً لِّلْعَالَمِينَ ﴿١٠٧﴾ الْفِيء: 107

“Uumaa/addunyaa hundaaf rahmata taasifnee malee (Waan biraatiif) si hin ergine”(Qur’aana21:107)

Ergaan kuniifi kitaabni ergaa kanaa, Qur’aanniilma namaa yeroo hunda kan qajeelchu akka kabajametti kan turu jallifamaafi *maqaamajecha* Rabbiil ol-ta’ee tikfama.

Rabbiin akkana jechuun mIrkaneessee jira

لَا يَأْتِيهِ الْبَطْلُ مِنْ بَيْنِ يَدَيْهِ وَلَا مِنْ خَلْفِهِ، تَنْزِيلٌ مِّنْ حَكِيمٍ حَمِيدٍ ﴿٤٢﴾ فصل: 42

“Bal’eessaan fuuldura isaatiis ta’ee duuba isaatiin itti hin dhufu, (Rabii) ogeessa faarfamaa ta’ee irraa buufame.”
(Qur’aana41:42)

Qur’aanni kitaaba Rabii kan baraabaratti uumama hundaaf akeekkachiisa akkata’utti xumura nabiiyyotaa Nabiiyyii Muhammad (SAw)irraan ilma namaatti kan bu’e Muhammadiin booda nabiiyyiin biraa hinjiru Qur’ aana boodas wahyiin bu’e hinjiru.

Nabi Muhammaddura, ergamsi nabiiyyummaa wal duraa duubaan bu’aa ture. Biyyaaf ummanni hundi ergamaa addaa

afaan isaanii dubbatuufi haala isaanii hubatu ergamee fi ture. Nabiyyoon akkaataa caalatti sirraawaan haala hingeddaramneen fedhii ilma namaa tiif deebii kennaa turan. Rabbiin akkana jedhe:

إِنَّا أَرْسَلْنَاكَ بِالْحَقِّ بَشِيرًا وَنَذِيرًا وَإِن مِّنْ أُمَّةٍ إِلَّا خَلَا فِيهَا نَذِيرٌ ﴿٢٤﴾ فاطر: 24

“Nuti gammachisaafi akeekachiisaa taasifnee dhugaa dhaan si erginee jirra ummanni tokollee kan akeekkachiisan isaan keessatti hin ergamin hin jiru (Qur aana 35:24)

وَمَا أَرْسَلْنَا مِن رَّسُولٍ إِلَّا لِيَلْسَنَ قَوْمِهِ لِئَلَّا يَكْفُرُوا بِالْحَقِّ فَرِحُوا بِالْحَقِّ إِذْ كَانُوا يُكْفَرُونَ بِمَا يَكْفُرُونَ فَكُلَّمَا مَرَّ عَلَيْهِمْ آيَةٌ مِّن رَّبِّهِمْ قَالُوا كَذِبٌ مُّذَمُّومٌ ﴿٤﴾

وهو العزيز الحكيم ﴿٤﴾ البقرة: 4

“Nuti ergamaa irraa tokkole akka inni (ergaa keenya) isaaniif addeessuuf jecha afaan ummataa isaatiin malee hin ergine. Rabbiin nama fedhe ni jallisa, nama fedhe immoo ni qajeelcha innis injifataa, ogeessa” (Qur, aana 14: 4)

Ergamsi nabiyyummaa mallattoowan uumamaa fi ummataaf dinqisiisoo ta’anii Namaamansiisaniin tumsaman. Namni ergaatti akka amanu kan kakaasaniif kan jajjabeessan turan. Nabiyyiin tokko fakkeenyaaf dandeettii rabbi isaa kenneen uummatni hordofuuf raajiiwwan akka gaara ol fuudhee uummatarratti gaaddiseessuu, galaana gargar baasuun akka uummanni lafarraa deemeedabru gochuu,ulee lafarratti darbee bofatti kan itti jijjiiramte ykn harka isaa bobaa jala kaayatee

ogguu baasu osoo hinmiidhamin adiitti kan jijjiirame. Nabiyyin biraa kan ergame gaalli dhaltuu akka mallattootti itti garsiise.

Nabiyyiin sadaffaan Nama du'e lubbuu itti deebisee, Kan jaameefi kan juzaam'e fayyise. Namoonni osoo mallattoofi raajiiwwan nabiyyoota isaanii osoo argan, nabiyyummaa isaanii fudhachuu didan adabamanii badiin isaan dhaqabde. Ta'us, Rabbiinhawaasa Muslimaa kabajuun dhabamaafi kufaatii irraa baraare.

Yeroo Waaqeffattoonni Makkaa burqaawwan bishaanii akka isaani burqan nabiyyicha gaafatan ykn kortuu samiitti isaan baasu akka yaabbatan isaan gaafatan ykn mana warqiin bareechifame akka qabaatan namummaa isaaniitin isaan balaaleffataa gaafatan Rabbiin gaafiiwwan gaafataniif deebii hinkennineef.

Isaanisakkana jedhan :

وَقَالُوا مَا لَ هَذَا الرَّسُولِ يَأْكُلُ الطَّعَامَ وَيَمْشِي فِي الْأَسْوَاقِ لَوْلَا أَنْزَلَ إِلَيْهِ مَلَكٌ فَيَكُونُ مَعَهُ

نَذِيرًا ﴿٧﴾ أَوْ يُلْقِي إِلَيْهِ كَنزًا أَوْ تَكُونُ لَهُ جَنَّةٌ يَأْكُلُ مِنْهَا وَقَالَ الظَّالِمُونَ إِن

تَتَّبِعُونَ إِلَّا رَجُلًا مَسْحُورًا ﴿٨﴾ لقان 7-8

“Kan nyaata nyaatuufi magaalota keessa adeemu kun ergamaa akkamiiti sila? maaliif maleeykaan gara isaa buufamanii isaa wajjiin dinniinaa hin taane?” jedhan. “Yookiin immoo maaliif qabeenyi guddaan wahii gara isaatti hindarbamne? Yookiin wantoota isa bashannansiisan kudraa if

mudraan ishee irraa nyaatu maaliif isaaf hintaane?”(Jedhu miidhaa hojjattoonni “Isin nama falfalli itti hojjatame malee hin hordoftan”jedhan.(Qur, aan 25:7-8)

Keewwata biraa keessatti Rabbiin akka jedhu:

(وَقَالُوا لَنْ نُؤْمِنَ لَكَ حَتَّى تَفْجُرَ لَنَا مِنَ الْأَرْضِ يَبُوعًا ﴿٩٠﴾ أَوْ تَكُونَ لَكَ جَنَّةٌ مِّنْ نَّحِيلٍ وَعَنْبٍ

فَنَفْجِرَ الْأَنْهَارَ خِلَالَهَا تَفْجِيرًا ﴿٩١﴾ أَوْ تُسْقِطَ السَّمَاءَ كَمَا زَعَمَتْ عَلَيْنَا كِسْفًا أَوْ تَأْتِيَ بِاللَّهِ

وَالْمَلَائِكَةِ قَبِيلًا ﴿٩٢﴾ أَوْ يَكُونَ لَكَ بَيْتٌ مِّنْ زُخْرِفٍ أَوْ تَرْفٍ فِي السَّمَاءِ وَلَنْ نُؤْمِنَ لِرُفْيِكَ حَتَّى

تُنزِلَ عَلَيْنَا كِتَابًا نَقْرُؤُهُ... (السراء: 90-93)

“Hanga burqituu dachii keessaa nuuf maddisiiftutti siif hin amannu yookiin (hanga) ooyruu mukka timiraatiifi Inabaa iraa siif ta'e ergasii isa keessaa laggeen yaasiinsaa yaaftutti hin amannu, yookiin hanga akka jettetti kutaa samii irraa taate nu irratti kuffiftutti, yookin hanga Rabbi fi maleeykota fuuldura keenya fiddutti hin amannu, yookiin hanga manni faaya warqee irraata'esiif ta'utti, yookiin hanga samii keessa ol-baatutti olba'iinsa keettis hanga kitaaba dubbifnuu nuuf buuftutti hin amannu“(jedhu).Qur'an (17:90-93)

Ammas dabalee Qur'aanni akki jedhe;

قُلْ سُبْحَانَ رَبِّيَ هَلْ كُنْتُ إِلَّا بَشَرًا رَسُولًا ﴿٩٣﴾ وَمَا مَنَعَ النَّاسَ أَنْ يُؤْمِنُوا إِذْ جَاءَهُمُ الْهُدَىٰ إِلَّا أَنْ

قَالُوا أَبَعَثَ اللَّهُ بَشَرًا رَسُولًا ﴿٩٤﴾ (السراء: 93-94)

“Rabbin kiyya qulqullaa’ ee jira. Sila ani nama ergamaa ergama malee (waan biraa) ta’eeraa?” Jedhi. Namootas yeroo qajeelfamni Rabbi isaanitti dhufe “Sila Rabbiin nama ergamaa taasissee ergaa?” Jedhuu malee homaatuu amanuu isaan hin dhorgine “(17:93-94)

Suurama kana (*Allsra’a*) keessatti Rabbiin gaafiiwwan Mushrikootaatiif deebii akka hin kennin sirritti ibsa:

وَمَا مَنَعَنَا أَنْ نُرْسِلَ بِالْآيَاتِ إِلَّا أَنْ كَذَّبَ بِهَا الْأَوْلُونَ وَعَاءَيْنَا ثَمُودَ النَّاقَةَ مُبْصِرَةً فَظَلَمُوا بِهَا وَمَا

رُؤْسِلُ بِالْآيَاتِ إِلَّا تَخْوِيفًا ﴿٥٩﴾

“Mallattoolee keenya erguu wanti Nudhorgee warri duraa ishee kijibiisuu malee hin jiru. Gosa Samuudiifis gaala dhaltuuu akka mallattoo ifa galaatti kenninee jirra. Isheettis kafaranii (halaakamanii). Nutis sadoochisaaf malee mallatto hin erginu.” (Quraana 17:59)

Rabbiin ergamaa muhaammadiif (SAW) kan ilaalchisee sababni Mushrikoonni ergaa kuffisaniif hanqina mallattoo fi raajiiwwaniif osoo hinta’in dhiibbaa sababiiwwan biraatiin akka ta’e Nabiiyyii Muhammadii ibsee jira. Fira’oonni Masrii Uummata isaawaliin mallattoowwan gaafii hinqabne raajiiwwan nabiiyyii Muusaan (AS) itti haamuldhifamus deebiin Kennan *Mushrikoota* Makkaatiin kan walfakkaatu ture:

وَلَقَدْ آتَيْنَا مُوسَى تِسْعَ آيَاتٍ بَيِّنَاتٍ فَسْتَلَّ بِسَبِيٍّ إِسْرَءِيلَ إِذْ جَاءَهُمْ فَقَالَ لَهُ فِرْعَوْنُ إِنِّي لَأَظُنُّكَ

يَمُوسَى مَسْحُورًا ﴿١٠١﴾ *السراء: 101*

“Dhugumatti, Muusaaf mallattoolee ifa ta'ansagal kennineefii jirra. Ilmaan Isra'iil yeroo inni isaanitti dhufnaan firiawn “Yaa Muusa! Ani dhugumatti sihriin qabamaa ta'uun si yaada” saan jedhe.(Qur'aana 17:101)

Ergaan Nabiyyii Muhaammad malee nabiyyii biraa akka hin barbanne Qur'aana malee mallattoo biraa akka hinbarbaachifne Rabbiinnabiyyiichaaf mirkaneessee jira.

وَلَقَدْ صَرَّفْنَاهُ بَيْنَهُمْ لِيَذَّكَّرُوا فَأَبَى أَكْثَرُ النَّاسِ إِلَّا كُفُورًا ﴿٥٠﴾ وَلَوْ شِئْنَا لَبَعَثْنَا فِي كُلِّ قَرْيَةٍ

نَذِيرًا ﴿٥١﴾ فَلَا تَطِعِ الْكَافِرِينَ وَجَاهِدْهُمْ بِهِ جِهَادًا كَبِيرًا ﴿٥٢﴾ *لقان: 50-52*

“Dhugumatti akka ittiin gorfamaniif jechagidduu isaaniitti isa raabsinee jirra. Irra hedduun namaas kafaruu malee amanuu ni didan, odoo feenee magaalota keessatti akeekachiisaa ni ergina ture.Kaafirtootaaf hin ajajamini isaan (Qur'aana kanaan) qabsoo guddaa isaan irratti qabsaa'i.”

“Dhugumatti, akka ittiin gorfamaniif jechas gidduu isaaniitti isa raabsinee jirra. Irra hedduun namaas kafaruu malee ni didan.” (Qu'aana 25:50-2).

Uummanni ergichatti akka amanan Ergaa Xumuraa kana akka dhageeffataniif akka qalbiin hubatan amansiisuuf isaan gaafate. Kun onnee fi sammuu namoota sirnaan

dhageeffachuuf dhugaa mirkaneeffachuu fedhan keessatti jijjiirama waliigalaa uumuuf ga'aa dha. Ta'us deebiin warra Jallattootaoftuulummaaf gadifageenya kan hinqabne ture.

وَقَالُوا لَوْلَا أُنزِلَ عَلَيْهِ آيَاتٌ مِنْ رَبِّهِ قُلْ إِنَّمَا الْآيَاتُ عِنْدَ اللَّهِ وَإِنَّمَا أَنَا نَذِيرٌ مُبِينٌ

﴿٥٠﴾ أَوَلَمْ يَكْفِهِمْ أَنَّا أَنْزَلْنَا عَلَيْكَ الْكِتَابَ يُتْلَىٰ عَلَيْهِمْ آيَاتُ فِي ذَٰلِكَ لِرَحْمَةٍ وَذِكْرَىٰ

لِقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ﴿٥١﴾ لَعَلَّكُمْ تَتَّقُونَ: 50-51

Isaanis ni jedhan: “Maaliif raajiiwwan Rabbi Isaa isa irratti hin buufamin? Raajiiwwan kan jiran Rabbiin biraqofa. Ani immoo akeekkachiisaa ifa ta’e qofa” jedhiin. Sila kitaaba (Qur’aana) isaan irratti qara’amu si irratti buusuun keenya qofti isaaniif hin ga’uu? Dhugumatti, kana keessa namoota amananiif gara laafinaafi yaadamootu jira”. (Qur’aana 29:50-1)

Ogummaa fi beekumsa isaatiin, Rabbiin hubachuu hundee jireenya uummata Muslimaataasise. Jechi Jalqabaa rabbii ol’aanaa malaa’ikaa Jibriiliin Nabiyyii Muhammaditti (SAW) bu’ei qraa (dubbisi) kan jedhu, Nabiyyichi hin baratinis deebii “An dubbisuu hindanda’u” jedhu kennaniif. Ittiansuun Malaa’ikichi ajaja Rabbii itti hime:

أَقْرَأَ بِأَسْمِ رَبِّكَ الَّذِي خَلَقَ ﴿١﴾ خَلَقَ الْإِنْسَانَ مِنْ عَلَقٍ ﴿٢﴾ أَلَمْ نَكُنْ مِنْ عَلَقٍ ﴿٣﴾ الَّذِي عَلَّمَ بِالْقَلَمِ ﴿٤﴾

عَلَّمَ الْإِنْسَانَ مَا لَمْ يَعْلَمُ ﴿٥﴾ لَعَلَّكُمْ تَتَّقُونَ: 5-1

“Maqaa Rabbi keetii Isa waan hunda uumeetiin dubbisi. Isa nama dhiiga ititaa irraa uume. Rabbin kee hunda irra arjaa ta'een qara'i. Isa qalamaan barreessuu barsiisee sani. Nama waan inni hinbeekne barsiise.” (Qur'aana 96:1-5)

Ayaatonni kunniin jalqabama adeemsa ibsama Rabbii Nabiyyichatti bu'an qajeelfamoota lama Kan muldhisani. Qajeelfamni tokko dhimma Rabbii, inni biraa waa'ee dhala namaa kan ibsu.

1. Ayaa (lakk.baay'een ayaati):- Hiika qajeelaatti mallattoo agarsiisa ykn mul' isa, ergaa, bifa uumama Rabbii, barruun qooda Qur'aanaati << aayaon >>. Qur'aanni dhaamsa kana jabeessuun akkana jecha:

Ajajni jalqabaa dubbisuu (qara'uu dha). Kana jechuun fudhachuu, hubachuu fi ergaa Rabbiin irraa bu'e labsuu dha. Ajaja kana keessatti waa'een Rabbii kan muldhate. Qur'aana jecha Rabbii fi Ibsama Rabbii akka ta'e ilmaan nama akka irratti yaadatan fi hubataniif osoo addaan hin kutin akka baratan bifa guutuun akkaataa irra ga'amuun Nabiyyichatti bu'uun ajajni Rabbii kan itti ibsame:

فَنَعَلَى اللَّهِ الْمَلِكُ الْحَقُّ وَلَا تَعْجَلْ بِالْقُرْآنِ مِنْ قَبْلِ أَنْ يُقْضَى إِلَيْكَ وَحْيُهُ، وَقُلْ رَبِّ

زِدْنِي عِلْمًا ﴿١٤﴾ طه: 114

“Egaa Rabbiin, mootiin dhugaa, ol ta’eera. Osoo wahyiin isaa gara kee bu’ee hin xumuramin dura Qur’aana (dubbisutti) hin jarjarin.” Yaa Rabbi kiyya! Beekumsa naaf dabali” jedhe. (Qur’aana 20:114)

Qur’aana Kan buuses, kan erges kan walitti qabuufi kan ittisuu Rabbi. Dhalli namaa qalbiin isaanii akka qulqulloytuuf akka dhimbiibamtu, Qur’aana dubbisuu, barachuunii fi, barsiisuun ajajama kana ibsa. Qarummaa ijaaruuf ilma namaa Rabbiin jaalataman argamsiisuuf ulaaga guutun Kan danda’aniif bakka bu’ummaa Rabbii mirkaneesuu kan danda’an yookana ta’eedha.

هُوَ الَّذِي بَعَثَ فِي الْأُمِّيِّينَ رَسُولًا مِنْهُمْ يَتْلُو عَلَيْهِمْ آيَاتِهِ وَيُزَكِّيهِمْ وَيُعَلِّمُهُمُ الْكِتَابَ وَالْحِكْمَةَ وَإِنْ كَانُوا

مِنْ قَبْلُ لَفِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ ﴿٢٠﴾ لاجمعة: 2

“Inni Isa ummata wallaalaa keessatti ergamaa isaan irra ta’e keeyyattoota isaa isaan irratti qara’u, (shirkii irraa) isaan qulqulleessuufi kitaabaaf ogummaa isaan barsiisu ergeedha. Isaanis ergamuu isaatiin dura jallinna ifa ta’e keessa turan.” (Qur’aana 62:2).

Gorsi lammafaan jabeeffamee dhala namaatti himame, Qur’aana qara’uun uumama rabbii ardiifi samii qorachuun, ol’aantummaa fi Tokkichummaa Rabbii mirkaneesuu gorsa. Kallattin Rabbiin ibsu uumama mara keessatti kan mul’atu Inni tokko uumama ilma namaati.

خَلَقَ الْإِنْسَانَ مِنْ عَلَقٍ ﴿٢﴾ لَئِن لَّمْ يَظْهَرْ لَاحِقٌ: 2

”Isa nama dhiigaa ititaa irraa uume.” (96:2)

Walitti dhufeenyaa fi sadarkaawwan dhiiga kantaraaf ilma namaa, jiruudhaaf du’a jidduu jiru, hundumtuu mallattoowwan biroos dabalatee *khalaaqa* keessatti waan wal madaalan qaba. Kaayyoon isaan booda jiru, dhalli namaa beekumsaaf qopheesuuf qaroomina jajjabeessuudha. Kun ragaa ifa gala raahmat qabeessaa, qoonqawwaniifi afaanota maraan faarfameeti.

Rabbiin akkana jedhe:

تَسْبِيحُ لَهُ السَّمَوَاتُ السَّبْعُ وَالْأَرْضُ وَمَنْ فِيهِنَّ وَإِنْ مِنْ شَيْءٍ إِلَّا يُسَبِّحُ بِحَمْدِهِ. وَلَكِنْ لَا تَفْقَهُونَ تَسْبِيحَهُمْ إِنَّهُ كَانَ

حَلِيمًا غَفُورًا ﴿٤٤﴾ السراء: 44

“Samiin torbanii, dachiin, akkasumas, wanni isaan keessa jiran hundi isa faarsu. Wanti tokko kan osoo faaruu isaatiin isa hin qulqulleessin hafu hin jiru. Isin faaruuisaani hin beektan. Dhugumatti, inni obsaa, araaramaa ta’eera” (17:44)

Kaayyoon biraa kaayyoo jireenyaaf ogummaa uumamaa mirkaneessuu dha.

وَإِلَىٰ ثَمُودَ أَخَاهُمْ صَالِحًا قَالَ يَا قَوْمِ أَعْبُدُوا اللَّهَ مَا لَكُم مِّنْ إِلَهِ غَيْرُهُ. هُوَ أَنشَأَكُمْ مِّنَ الْأَرْضِ وَأَسْتَعْمَرَكُمْ فِيهَا

فَاسْتَغْفِرُوا لَهُمْ تَوْبُوا إِلَيْهِ إِنَّ رَبِّي قَرِيبٌ مُّجِيبٌ ﴿٦١﴾ هود: 61

“Gara samuudis obboleessa isaanii saalihiin (erginee jirra)”ni jedhe; “*Yaa ummata kiyya; Rabbiin gabbaraa. Isa malee dhugaan gabbaramaan biraa isiniif hin jiru. Inni dachii irraa isin uumetti ishee keessaa isin jiraachise. Kanaaf araarama isa qofa kadhaa, ergasii gara isaatti towbaa deebi’aa Dhugumatti, Rabbin kiyya (beekumsa isaatiin) dhihoo, awwaataadha.*” (Qur’aana 11:61)

وَمَا خَلَقْتُ الْجِنَّ وَالْإِنْسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ ﴿٥٦﴾ لِذَاهِيَات: 56

“*Jinniifi ilma namaa akka ana qofa gabbartaniif malee wan biraaf hin uumne*”. (Qur’aana 51:56)

Keewwatoonni armaan olii lamaan kun walitti dhufiinsa kan qabaniifiwalittii aananii kan raawwatamuu qabaniif akkasuma maqaa rabbiitiin ta’uu kan qabaniidha. Dabalataan walqunnamtiin isaanii kun Rabbiif ilma namaa jiddutti ergama kan mirkaneessu ta’uu isaati. Kanaafis Rabbiin bu’aa bahii jarraa hundarratti gargaaraa tahuu mirkaneesse.

Rabbiin ilma namaa haala lamaan kana keessatti Kan kophaa isaanii gatuu miti Akka Qur’aana dubbisaniin ittifufiinsa Kan qajeelchuu dha:

اقْرَأْ وَرَبُّكَ الْأَكْرَمُ ﴿٣﴾ الَّذِي عَلَّمَ بِالْقَلَمِ ﴿٤﴾ عَلَّمَ الْإِنْسَانَ مَا لَمْ يَعْلَمْ ﴿٥﴾ الخ: 3-5

“*Gooftan kee hunda irra arjaa qara’i. Isa qalamaan (barreessuu) barsiise. Isa nama waan inni hinbeekne barsiise.*” (Qur’aana 96:3-5)

أَلَا يَعْلَمُ مَنْ خَلَقَ وَهُوَ اللَّطِيفُ الْخَبِيرُ ﴿٤٤﴾ لَكَ: 14

Rabbiin dadhabina, hanqinnawwan dandeetti xinummaa beekumsaa fi garaagarummaa yaada ilma namaa kan beeku: “*Sila Inni (iccitii) uumee keessa argaafi beekaa ta’ee (iccitti isaanii) hin beekuu*” (Qur, aana 67:14).

يُرِيدُ اللَّهُ أَنْ يُخَفِّفَ عَنْكُمْ^{٢٨} وَخَلَقَ الْإِنْسَانَ ضَعِيفًا ﴿٢٨﴾ اللّٰه: 28

“*Rabbiin isin irraa salphisuu fedha. Ilmii namaas dadhabaa ta’ee uumame.*” (Qur’aana4:28).

وَيَسْأَلُونَكَ عَنِ الرُّوحِ قُلِ الرُّوحُ مِنْ أَمْرِ رَبِّي وَمَا أُوتِيتُمْ مِنَ الْعِلْمِ إِلَّا قَلِيلًا ﴿٨٥﴾ اللّٰه: 85

“*Ruuhii irraa si gaafatu, dhimmi Ruuhii dhimma beekumsaRabbikiyyaati, Beekumsa irraa waan xiqqoo malee isiniif hin kennamne*” jedhiin.(Qur’aana17:85)

Kannaf, RabbiinNabii Aadamiin maqaawwan nama maraa qalamaan kan barsiiseefi ilma namaa wanta isaan hinbeekne kan barsiiseef akka dubbisa jalqabaa kana akka guutaniifi. Wanta mara ilma namaatii kan mijeessee, ardii irra deemee akkadaawatu ajaje, dandeettiiwwan ilaalchaa hubannoo, xiinxalaakan kenneefi Dubbisa lammaffa akka bakkaan ga’an mallattoowwan kan laateef.

Dubbifama Qur’aanaa lameen kan walfaanaa raawwachuun nageenya addunyaa tanaaf fi aakiraatiif haalduree calqabaati. Dubbisawwan lameen kana keessa tokko dhiisuun ykn madaala isaan jidduu jiru jallisuun ergaa Rabbii

irraa fuula garagalfachuudha. Dhibdeen ilaalchi akkanaa dhaqabsiisu jiruu addunyaa tanaa rakkisaa tan Aakiraa mana dhabeenyaa godha.

وَمَنْ أَعْرَضَ عَنْ ذِكْرِي فَإِنَّ لَهُ مَعِيشَةً ضَنْكًا وَنَحْشُرُهُ يَوْمَ الْقِيَامَةِ أَعْمَى ﴿١٢٤﴾ طه: 124

“*Namni yaadannoo (Qu’aana) Kiyya irraa garagale dhugumatti isaaf jireenya dhiphoo ta’e tu jira. Guyyaa Qiyaamaas jaamaa gooneeti isa kaafna.*” (Qur’aana20:124)

Haalli Kun ilma namaa sadarkaa bakka bu’ummaa Rabbiif ragummaa irraa kan kuffisuuf gabrummaaf salpinnaaf kan saaxiluudha.

إِنَّ اللَّهَ يُدْخِلُ الَّذِينَ آمَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ جَنَّاتٍ تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ وَالَّذِينَ كَفَرُوا سَتَمُعُونَ وَيَأْكُلُونَ

كَمَا تَأْكُلُ الْأَنْعَامُ وَالنَّارُ مَثْوًى لَهُمْ ﴿١٢٥﴾

“*Rabbii warra amananii hojiiwwan gaggaarii hojjatan jannata laggeen isaan keessa yaa’u seensisa. Warri kafaran immoo (duniyaa irratti) ni qanani’u akkuma beelladoonni nyaatanitti nyaatu. Ibiddi bakka jireenya isaaniiti.*” (Qur’aana 47:12)

“Dhugumattinuti Jahannamiif, Jinnootaafi namoota irraa hedduu uumnee jirra. Isaan onnee qabuu isiidhaan hin hubatanu, isaan ija argine qabu ittiin hin arganu, isaan gurra qabuu ittiin hin dhaga’anu.

أُولَئِكَ كَالْأَنْعَامِ بَلْ هُمْ أَضَلُّ أُولَئِكَ هُمُ الْغَافِلُونَ ﴿١٧٩﴾ أَلْ عَرَف: 179

”warri sun akka beeyladaatti, inumaa jarri irra jallatoota, isaan isaanumatu dagatoota”(Qur’aana 7:179).

Dubbisa jalqabaa qofaaf xiyyeeffannoo barbaachisuu ol kennuun dubbisootaa fi hiikaawwaniif ijaaddaa kan argamsiisu ta’us of wallaalumma qalbii uumuun dhimmoota akka *kaliifaatiif* ijaarsa qaroominaa fedha ilma namaatiif barbaachisanitti nama qajeelchuu danda’a.

Kun hubannaa daanga’aa dhuunfaa keessatti kan ibsama ta’u, sadarkaa baldhaa hawaasa islaamaatti kan muldhatu yoota’e balaafamaa ta’uu danda’a ykn akka qooda jireenyaatti fudhatama kan argatu kan ta’u.

Sababniis yaada gatii yaalii ykn carraaqii ilma namaa dagachuu ykn gatuutti wanta nama qajeelcuufi Amalli akka kanaa yoo argame namni hiikkaa jireenyaa ilaala irratti ilaalcha gadhee akka qabaatan jiruu addunyaa tanaa keessatis ga’eef fi ittigaafatamummaa sirrii hinta’in akka qabaatan isaan taasisa.

Ilaalchi akkanaa hanga jireenya isaanii ardii tana irraa jibbanii akka ba’aa ulfaatatti lakkaa’aniif bilisa ta’uuf jireenya du’aa boodaa kan filatan isaan godhu danda’a.

Amaloota Qur’aanaa Isaan Muraasa

Qur’aanni kan bu’e kophatti kutaa kutaani. Kutaawwan Qur’aanaa kuncaalaan isaanii dhimmoota taateewwan addaa

addaatiin kan walqabatan turan. Kaayyoon ayaatota Qur'aanaa kanneenis qalbii onneefi sammuu ummataa akka qur'aana fudhatanii hubataniifi itti yaadan qopheessuu ture. kun kaayyoo yeroo qur'aana itti bu'eetti Itti aansanii akka ummannii Qur'aana bu'e hubatu jechaawwan, hiikkaawwan fi qajeelfamoota kanneen sirnaan dammaqinnatti qabachuu akka danda'aniif Akkanatti onneen isaanii fudhachuuf kan banaman,sammuum isaanii kan hubatu , qalbiin isaanii kan ittin ijaaramu ta'a. Jireenyi guutuun kan deebii itti kenne fi akka gadi dhaabbii fi boohartiin qalbii argamtuufi ture.

Akkanatti Qur'aanni qajeelfama raga fi madda dhaloota jalqabaaf dhalootawwan itti `aananii akka ta`u barbaadame:

Isaan kafaranis ni jedhan:

وَقَالَ الَّذِينَ كَفَرُوا لَوْلَا نُزِّلَ عَلَيْهِ الْقُرْآنُ جُمْلَةً وَاحِدَةً كَذَلِكَ لِنُثَبِّتَ بِهِ فُؤَادَكَ وَرَتَّلْنَاهُ تَرْتِيلًا ﴿٣٢﴾

لقرقان: 32

“Maaliif Qur'aanni hundi al-tokko isa irratti hin buufamin? Jedhan. “Akka kanatti onnee kee isaan gadi dhaabuuf (adda addaan buusne), suuta suutaanis isa buufne.” (25:32),

وَقُرْءَانًا فَرَقْنَاهُ لِتَقْرَأَهُ عَلَى النَّاسِ عَلَى مُكْثٍ وَنَزَّلْنَاهُ تَنْزِيلًا ﴿١٠٦﴾ الإسراء: 106

“Qur'aana akka ati suuta suutaan namoota irratti isa dubbiftuuf isa qoqqoonnee buusiinsas isa buusne.” (17:106).

Qur'aanni kan bu'e akka hojii ulfaataa fi raajii onnee namaa hinjifatee qalbii isaanii dinqisiisu akkanaa akka ergaa

fudhatanii qaamaa guutuun fi eenyumma isaanii guutuun deebii akka kennaniif ture.

Qur'aanni xiinxalliiwwan uumamaa fi bu'uraa, qajeelfamoota figorsa ilma namaa guutuu, bakkaafi yeroo maratti jireenya hunda keessatti fayyadan ofkeessa qaba. Osoo wanta xixinnoof dhimmoota BaraQur'aanni itti bu'e waliin walqabatan qofa kan ilaaluutii qulqullinaaddaa fihundoomina yeroofi bakkaa kana hin qabaatu. silaa Dhaloonni boodaa wantoota walfaallessaniifi jijjiiraman qur'aana keessatti argan ture. Dhimmoota addaa Qur'aana keessatti sirritti ibsaman barbaachisummaan kaayyoowwaniifi qajeelfamoonni yeroof bakka maratti haala hunda keessatti ibaadaa dhaalaaf seenawwan uummataaf biyyoota dursanii kan ibsani uumaan qur'aanaa akka ittisu waadaa galee jira.

إِنَّا نَحْنُ نَزَّلْنَا الذِّكْرَ وَإِنَّا لَهُ لَحَافِظُونَ ﴿٩﴾ ل اح ج ر : 9

“Dhugumatti nutu Qur'aana buuse numatu isa eega”

(Qur'aana 15:9).

Kaayyoon Qur'aana afaan ittiin bu'een tursiisuu fi Arabiffaan akka hiikkaatti ykn gabaabinnatti tamsaasuun dhoorkameef, Qur'aanni jireenya Rabbiin ilma namaatiif hawwe hundeesuuf akka mirkanaa'uufi Muslimoonni miiliyoononni Qur'aana akkaataa jechaawwan jalqaba turaniin qara'uuf dubbisuun isaanii bifa kitaabichi ittiin bu'een dubbisuun isaanii

kun bu`uura Muslimoonni hundi yeroo maraaf bakka maratti; garaagarummaaf fedha isaanii bira dabruun –irratti walii galani.

Nabiyyii fi beektotniol`aanan isaan hordofan hundi jalqaba sammuu onnee ummataa keessatti qubeewwan qur`aana jalqabatti akka surphaman sana booda qofa garagalfamuu akka qaban murteessuun isaanii kana kan agarsiisudha. Kanaaf, Hadiisoonni heddu sahaabaa Nabiyyii irraa boodarra *taabi`ootaan*(dhaloota Sahaabatti aane) gabaafaman Qur`aana malee Qur`aana waliin barreeffama biraa barreessuu ykn garagalchuu kan dhoorkaniidha.

Wantoonni biraa hundi qabatamaanhojiitti yoo hiikaman walitti dhufeenya qaban – sadarkaa ol`aanatti hubataman barnoota kennaniin kan itti firooman qaama qur`aanaatii. Haalli kun kitaabotaa fi amantaa biraa keessatti kan hin argamneedha. haaluma kanaan hiika qur`aana ilaalchisee, nabiyyichi rabbii hiika keewwatoota qur`aana irratti beekumsa gahaa kan qabaniidha .A`ishaan (RAA) akkana jechuun isaanii gabaasamee jira:”*Nabiyyiin Rabbii hiika kan ittikennan aayaata Qur`aana Muraasa qofatti .Isaanis kan Jibriiliin barsiifamni.*”

Ayyaatni kuniinnis dhimmoota wanta Hin muldhanneen Kan walqabatan, gaaffiiwwan xiqqoo ibsama Rabbii qofa irraa hubataman kan ilaalaniidha.Kanaaf, barumsi hiikkaa qur`aanaa baay`atanii jaarrota keessatti beektonni Muslimaa daandiiwwan hedduun Qur`aana qorachuu jalqaban.Gariin isaanii milkaa`aanii jiru gariin hin milkooyne.

Sahaabonni Nabiyyicha yeroo Qur'aanni bu`u Raganii fi sababiiwwan bu'iinsa *Aayaata* kanneenii ilaalchisee taateewwan qabatamaa waliin waltaasisuun wanti heddu jedhamee jira. *Imaam Gazaaliififi Imaam Qurxubiindhimma* kana ilaalchisuun yaada akkana jedhu kennan:

“Waa`ee tafsiiiraa ilaalchisuun wantawwan sahaabaan jedhaman marti kan Nabiyyicha irraa dhufani jechuun sababa lamaaf dogon gora. Tokko kan mirkaneeffame Nabiyyichi tafsiiira kan ittikennan aayaata xiqqoo qofa... Ilaalchi `A`ishaa kana kan biraa qabxiiwwan heddu ilaalchisuun garaagarummaa araaramuu hindandeenne qabu kun martii isaa Nabiyyii Rabbii irraa dhufuu kandanda`uu miti –gariin ta`uu danda`a”.

Shaik Muhammad Xahar Ibn Ashuur, Tafsiiir al Tahriir wa al Tanwiir (Tunis:al Daar al Tuunisiyyah, 1984), 28-9

Morkiin asitti ibsame beekumsi ykn sammuun hubannoo qur'aanaa murtaa`een daangeffamuu akka hinqabneefi hiikkaawwan isaa yeroo addaa addaa keessati akka “hin hidhamne”ykn dhaloota murtaa`e waliin walqabatee akka hinhafneef. Dhugaadhatti Muslimoota gara rabbii isaanii kaleessuuf karaawwan mara caala bu`a qabeessa keessa inni

tokko isaaniif qur'aana qara'uuf wayta mara ayaata Qur'aanaaf hiikkawwan isaa irratti yaaduudha.

Akka haasawaatti dubbifni ykn xiinxalli hubannoo hinqabne kan hayyamamuu miti. Qur'aana heddu qara'uuf yaada malee qara'uu irra, hubannoon dubbisuuf xiinxaluun hubatuu akka caalu beektonni irratti waliigalanii jiru. Xiinxaluunasirratti; aayaa qara'uu, irra deebi'uu, hiikkaawwan ofkeessatti qabate adda addaa mara haala beekuuf yaalii godhuudha. Akkasumas, yaada bilisaan adeemsisuun osoo hinguutatamin yaadaan hiikkaawwan Rabbiin nama muraasa beekumsa hubannoof sammuu qabaniif ifa godhe irra akka ga'u godhuudha.

Akka ibsama waaqaa bu'eetti, Qur'aanni beekumsa maraaf madda amanamaadha. Hayyoota namummaa fi saayinsii hawaasaatiifillee qajeelcha haqaati. Agarsiiftotaa fi muldhistoota saayinsii waliigalaa miira uumamaa nama tokkoo dammaqسانیif qajeelchan kan ofkeessa qabuudha. Garuu, muslimoonni heddu yeroo dheeraaf qur'aanni duraan dursatti madda seenaawwan uummata dabree, kanseenaaf oduun isaanii gorsaaf seerachiisuuf himamu ilaalcha qaban. Kunis Qur'aanni bakka kuusa odeeffannoo waa'ee Akiraa fi bifaawwan hin mul'annee akkasumas; madda murteewwan seeraa fi akka dabalattatti kan qabate akka ta'e ilaalcha qaban ibsaa turan.

Dabalataan xiyyeeffannoon isanii qulqullina afaan walaloo fakkaatu, akkaataa fi suura –qabatama ykn bareeduma

barruu fakkaataa kan hinqabne qur`aanaa irratti xiyyeeffataa turan. Akkaataa afaan Qur`aanni ittiin bu`e kun quuceeol`aantu Afaan Arabaa irra ga`uu danda`u fi Akaataa afaanii dinqisiisaa daangawwan ibsama Afaan Arabaa keessa jiru.

Qulqullina dinqisiisaa Qur`aanaa gosoota sadeen kana qorannoon dhaloota duraatiin godhameen kan mirkanaa`e. Akkuma hojiiwwan Ruumaani, Baqillaanii, al Jurjaanii, al qaadii Ayyaadii fi beektonni kaawwanii muldhisaniitti Ilaalchii qur`aanni akka madda *fiqhii*fi seeraa ta`e barsiisu kan Qur`aana Aayaata 200 fi 500tti qofa daangeessu kan hafe, kaayoo gorsaaf seerachiisaa, akeekachiisaaf fooyyeffamaaf qofa kan itti makame ilaalamaa ture.

Haata`u malee, daangeffamni akkanaa raajii Qur`aanaa sadarkaa ogummaa Haasawaa baree qofatti daa`iiwaan gadibuusuuf, bifaawwan Qur`aanaa haarawoomaaf yeroof bakka maratti hojimaataa irra kan oolu ta`uu isaa akkasumas, uumama dinqisiifama Qur`aanaa kan daangessuudha.

Yoo dhaloota duraa kan jabana islaamaa san barbaannu ta`e, akkasuma jijjiirama si`awaa jiruun Islamummaa keenya keessattiis fiduu kan barbaannu tahe; wanti hubachuun nurra jiraatu maddii seera *fiqhii* hedduu isaa keessaa hamma murtaa`e qofatu qurnaana of keessatti hammate.

Muslimoonni Hundi aayaata Qur`aanaa mara hubachuuf xiinxaluuf sammuuf beekumsa isaanii fayyadamuu akka qabanis hubachuu qabna. kun, Qur`aana naannowwan uumama dhalataa

keessatti bu'e madda beekumsaafi bu'uura beekumsa hunda saayinsii hawaasaaf saayinsiiwwan hoj-maatessafis maddaaf bu'uura beekumsaa jalqabaa kan taasisuudha.

Akka dhugaatti, Muslimoonni dandeettii addaa beekumsa kamiyyuu qaban kaka`umsaaf, qajeelfamaaf fuula isaanii gara Qur`aanaa garagalfachuun isaan irratti dirqama. Qur`aana dammaqinaaf xiinxalaan dubbisuun kuusa beekumsa isaanii akka fooyyessu fi isaanii Kan dabaluuudha. Kun muslimoonni *ummaa* Qur`aanaa kan dhugaa akka deebisanii ijaaran isaan taasisa. Haata`u malee, sadarkaa kana irra ga`uun dura dursinee wanta heddu argachuu qabna.

Akka jalqabaatti, qorannoowwan uumama dinqisiisummaa Qur`aanaa irradeebi`amee xiinxalamuu qaba. Kun amaloota Qur`aanaa keessaa Qur`aanni raajii akka ta'e ilaaluuf dabalata kan uumuudha. Bakkeewwan addummaatti xiinxalamuu qaban keessaa uumaa ilma nama irratti gahee Qur`aanaa kan nama ol`aanaa uumuuf, dandeettii Qur`aanaa yeroof bakka kamiyyuuCaalatti miidhagaa ta'uun maatii hojja duree ta'e, akkasumas uumama sabaaf biyyootaa keessatti bu'aa Qur`aanaa eeruun nidanda`ama.

Qorattoonni xiin-sammuu Muslimaa fi qorattoonni dhimma hawaasummaa (*sociologist*) uumama raajii kana gama murteewwaniitiin osoo qoratanii bu'a qabeessa. Akkasumas, Saayinsitoonni Muslimaa fi hayyoon birootis Qur`aana keessaa wanta gatii qabu argachuu kan danda`ani hayyootaaf ulamaan

Muslimaa naannoowwan ahkaama fi seeraa keessatti dinqisiisummaa Qur'aanaa qorachuun jireenya ilma namaatti sirna bu'uuraa akkasumas, sirnaawwan haqa-qabeessa hubannaaf salphaa ta'aniif hojjentaaf mijaa'an uumuu ni danda'an.

Sadarkaa lammaffaa keessatti, kaayyoowwan dubbisaa fi hiika qur'aanaa booda jiran hubachuun barbaachisaadha. Kun kaayyoowwan sadeen beekumsa argachuun barbaachisuuf waa'ee ummatootaafi biyyoota durii Aakiraa fi hukmiiwwan fiqhii fa'a bira kan dabru.

***Kaayyoowwan barbaachisaa ta'an keessa baay'ee
barbaachisoonni:-***

1. Dhimmoota ilma namaaf saayinsiiwwan dhimma dhuunfaa fi amala hawaasaa akkasumas uumaa irratti qajeelcha waliigalaa argachuuf

2. Hawaasa fooyyessuuf akkasumas sirna siyaasaa hawaasaa fooyyessuuf qajeelfamoota fi seerota bu'uraa goonfachuuf.

Kun haala uumama ilma namaa fi hawaasummaa ittifufiinsaan ilaaluuniif akkamitti akka irra ga'amu yaalii godhuudha.

Saayinsiiwwan hawaasaa hunda kaayyoowwan lameen kana jalattii gulanteessuu ni dandeenya. Haaluma kanaan, Qur'aanni wabii amanamaa fi saayintistootaaf hayyoota hundaa

madaalli safuu ta`uu fi wabii qabiyyeewwan barri irraa hindabrine ta`uu danda`a. Ogeessoonni saayinsiiwwan hawaasaaf hoj-maata hog-barruu kkf, madda gatii ol`aanaa qabu taasifachuun guyyaa guyyatti gorsa irra argachuu kan danda`aniidha.

Kana jechuun Muslimoonni Qur`aana akkaataa amma ittiin qaban irra haala addaatiin qabachuu qaban.Sana jechuu kitaaba eebba Rabbii argachuuf ykn *hukmii* irraa argachuuf fedhan qara`an qofa ta`uu hinqabu.

Asirratti gaafii barbaachisaa dhimmawwan hiikkaa qur`aanaa Lamaaf: al *tafsiir bi al ma`suur (tafsiira)*fi *Hhadiisota* Nabiiyyichaaf sahaabota isaanii irra argamaniin irratti hudaa`e *fitafsir bi al raa`i* (tafsiira sammuu bilisaan shaakalchiisuu irratti murtaa`e) furuu qabna.

Dhimmi kun beektonnii fi hayyoonni bara kanaa bartee fi aadaa yeroo Nabiiyyichaaf sahaabota isaanii baay`innaan argachuun yaadawwan xumuraa fi tafsiiira isaani deeggaruun waandhibuuf dhimmi kun xiyyeeffannaa isa barbaachisa. Kanaaf, ilaalcha dhuunfaa kana caalaa wanti irratti hundeeffamu hinjiru Hadiisonni Kunniin kan ibsani.

“Namni ilaalcha isaa irratti qofa hundaa`e Kan tirmiziin gabaasame; Qur`aana hiiku kamiyyuu ibidda jahaannam keessatti bakka haabarbaadatu.”

“Namni beekumsa malee Qur`aana hiiku kamiyyuu ibidda Jahaannam keessatti bakka argata.”“*Namni ilaalcha isaa*

irratti qofa irratti hundaa`e Qur`aana hiiku kamiyyuu hiikaan isaa sirrii yoota`ellee dogongoraadha.”

Amma egaa hadiisonni ilaalcha dhuunfaa irratti hundeeffamuun Qur` aana hiikuu dhoorkan osoo jiran gargaarsi *al tafsiir bil raa`i* akkamitti barbaadama kan jedhu. Dhugatti hedduun sahaabaafi *taabi`aabakka* deeggarsi sunnaa hin jirretti tafsiira Qur`aanaa kennuu irraa kan of qusatani. Haala kanaan qorataan muslimaa cimaan eenyuyyuu barnoota kamiyyuu keessa jiru yeroo ammaa ilaalcha mataa isaa / isii irratti hundaa`uun aayata Qur`aana hiikuu danda`aa? Kun gaafii guddaafi of eegannoo gaafa ta`us, Nama wanta asii gaditti ibsame hubateefi ifagalaa kan ta`u.

Dursi *Tafsiira Bil Ma`Suur* Nabiyyicha irraa jaldiin murtaa`e qofa akka jiru yaadni ibsinee jirra. Beekumsaa fisammuun muslimootaa aayaata Qur`aanaa hubachuuf yaaliiwwan xiinxalaafi xumurasababa qaban irraa kan maddan itti fufuun hayyamamuu akka qabuogummaan kan akeeku.

Bara hedduuf kitaabbonni tafsiiraa fi hiiktonni hiikawwaniif jechoota Qur`aanaa ibsugara adda addaatiin kan ilaalan muldhatanii jiru. Aayaata hukmii ilaalan akkasumas kan birootis jechuudha.

Fakhruddiin Al- Raaziin (Hijraa 606) akka ibsetti;- Fedhu hiikkaa suuraati al faatihaa fe`aa Gaala tokkoqopheessuu akka danda`an ibsanii turan. Dhugaadhaantafsiirri suuraa kanaan nuga`e jaldii guddaa tokkokaan ta`u ulamaan heddu kan akka *Ibn*

Axiyyaa al qurxubii Ibn Sabbagh fi kkf aayaa tokko irraa hiikkaa akka uumuu danda`anykn qorannoodhaaf aayaa tokko irratti gaaffiiwwan kudhanii fi dhibbaan lakkaawwan illee uumuu akka danda`aniidha kan ibsan.

Dhimmoota akkanaa keessatti gaaffiiwwan haaraan ka`aniif xiinxalaman dhimmoota seerotaa baay`ee gurguddaafi barbaachisaa, qaroominaa fi kkf. Kan qur`aanni wantoota biroo Rabbii irraa bu`an keessaa isa kan adda taasisan ammaan dura kan hintuqamin ykn Nabiyyichaanis hin ibsamini jiraachuu isaaniiti.

Haa ta`u malee, beektonni fi ogeeyyiin hiika Qur`aanaa haalawwan tafsiiraa sirrii taanaan Qur`aana akkanaa itti kalaa`uufudhatama hin dhoorkan. Haalakanaan jechoota al xayyibbiitiin tafsiirri, *Jechoota dhugaa (barruu) tiin Kan wal ta`anii fi nam-tolchummaa, amala kijibaaykn odeessitummaa fi nuffissiisaa irraa bilisa ta`uu qaba. (Ibn Ashur).*

Kanaaf tafsiirri akkaataa *hadiisota* ilaalcha dhuunfaa irratti hundaa`uun tafsiira gochuun ykn hiikuun dhoogganiin akka *bidi`a* (argamoo fudhatama hin qabne) lakkaa`aman ramaddiiwwan asii gadi keessaa tokkotti kan kaa`amanii.³

³1-ibn Aashuur sheikh Muhammad al xahar ibn Ashuur, Tafsiir al tahriir wa al Tanwiir, 12

1. Tafsiira dandeettii ol'aanaa AfaanArabaa qabufi kaayyoowwan Shari`aa, gaaffiileenasakamanii fi ayaata nasakaman, sababiiwwan (*sababa nuzuula*) bu`iinsa aayaa yknayaatotaaf xiyyeeffannaa osoo hinkennin ilaalcha dhuunfaa irratti hundaa`e.

2.Tafsiira yaadaa fi xiinxala qabu,garuu dadhabina mufassira (nama hiika qur'aanaa kennuu) ,wantoota aayaa Qur'aanaa waliin walqabatan waan hin hubatiniif hanqina kan qabu. Hiikaan; yaadota xumuraa hiikaa ifa galaa jechoota- ykn akkaata hiikaa tokkoo-fi hiikkaan yaadame kana qofa yeroo jedhee fudhatuudha.

3. Ramaddiin xumuraa yeroo Mufassiroonni hordofootaa *mazhaba* ,waldhabdee, ykn fedha murna isaaniiniitiif akka tolutti ayaata Qur'aanaa hiikaa galumsa afaanii fi ykn haalawwan ayaatin ittiin bu`eef xiyyeeffannoo osoohin kennin kan hiikame.

Fakeenyaaf; Jama`aan Bayaaniyyaa aayaa kana akkanatti hiikan “kun namootaa ibsa. Warra Rabbiin sodaatanii fi immoofamaa fi gorsa qaj” (3:138) hogganaa isaanii Bayaan bin sam`an al Tamiimii akka Hijriyaa Bara 119 ajjeefame. kan muldhisu akka ta`etti hiiku.

Jama`aan Qadiyaaniyaa aayaa “dhugoomsuu fi ergmaa nabooda dhufa kan maqaan isaa Ahmd ta`een “ (61:6) Gulaam Ahmad Qaadyaanii akka eerutti hiikani

Warri *Bitaaniiyaa* keessi Qur`aanaa hiikkaa irraa muldhataa ykn alaa fi hiikkaa dhokataa akka qabu falman. Hiikkaan alaa kan Muslimoonni hubachuu danda`an yoo ta`u, dhukataan amantaawwan fakkaataman, falaasamawwam durii, amantaawwan durii ykn gowoomsa hoggantoota isaanii addaa addaa walitti qaban kan deeggerani. Wanta itti amanan irraa morkitoota dhoorkuuf falmiiwwan isaanii “hiikkawwan dhokataan “Qur`aanaa waliin walqabsiisani. Hayyoowwan hawaasa Muslimaa ol aantonna garuu kallattii akkanaa dogoggora ta`uu mirkaneessuun kaayyoowwan badii isaanii saaxiluu danda`anii jiran.

Yeroo ammaan tanaa “mallattoolee” ykn “fakkeeniyota” kan jedhamutu jira. Fakkeenyaaf, *aayaantokko* hiikkaa fakkeennoo akka qabu hubatama, kana jechuun wanta battallatti sammuu namaatti hin uumamnee fi qajeelatti afaaniin hin ibsamini Bakka bu`a. **fkn**; Aayaa kan haa fudhannu:

”Nama Masjiidota Rabbii akka isaan keessatti maqaan Rabbi hin faarfamne dhoorgee fi onsuu isaatiif carraaqe caalaa namni miidhaa hojjate hin jiru”. Warri sun haala msodaan guutamaniin malee isaan (Masjiidota Rabbi) seenuun isaaniif hin mjiaa`u. Isaaniif addunyaa keessatti adaba guddaa ta`etu jira.

Assitti namni gariin masaajida jechuun bakkeewwan ta`annoo Rabbii jala jiran waanta`aniif “onneewwan” namaa jechuudha jedhan. Kun tafsiira ykn hiikkaa ilaalchaati, hiikkaan

guuutuun guututti dhimmoota afaaniitiin kan hin gar gaaraminiidha. Ta`us, Maloota tafsiiraa fudhatama argachuu danda`an saditu jira. Isaanis;

1. Hubannoo hiikkaa jechootaa ifaan beekamanitti daangeffassuun.

2. Akka jechi itti hubatamuu malutti ykn hiikni sirrii isaa ta`uu danda`utti hiikuu, kunis of eegannoo fi xiinxallii jabduu kan gaafatu yoo tahu wal qabsiiftota fayyadamame ilaaluu gaafata.

3. Yeroo hiikaan (Mufassirri) beekumsa sammuu, saayinsawaa fi aadaa yeroo isaa fayyadamuun aayaata ibsu hangam agarsiisota Qur`aanaa waliin walsimiinsa akka qabu yeroo ilaalan.

Haala kanaan sirnoonni kunniin ifa hiikkoowwan aayaakana keessatti muldhifamaniin waliin akkamitti akka sirraawan booda murteessuu danda`ani.

يُؤْتِي الْحِكْمَةَ مَنْ يَشَاءُ ۗ وَمَنْ يُؤْتَ الْحِكْمَةَ فَقَدْ أُوتِيَ خَيْرًا كَثِيرًا ۗ وَمَا يَذَّكَّرُ إِلَّا أُولُو

الْأَلْبَابِ ﴿٣١﴾ للقورة: 269

“Hikmaa (ogummaa) Nama fedheef kenna. Namni hikmaa kennamee dhugmatti toltuunbaay`een isaaf kennameera. Warra sammuu qaban malee hin gorfamu”. (Qur`aana: 2:269).

Yeroo Hayyuun hammayyaa diinagdee Muslimaa tokko jechoota rabbi:

كَلَّا يَكُونُ دُولَةً بَيْنَ الْأَغْنِيَاءِ مِنْكُمْ ﴿٧﴾ لَخَشَرًا: 7

“Akka jidduu dureeyyii isin irraa ta`anitti kan naanna`u hintaanejecha. (Qur`aana:59:7).

Xiinxalliin uumamaa fi tamsaasa qabeenyaa akkamitti ummataan, gaarummaa ummataatiif akkamitti akka oolun yaada kanaan dura hayyuu Muslimaatiin hin dhiyaatin ifa godhe. Ibsi akkanaa kanaan dura dhiyaatanii waan hin beeyneef mormuu hindanda`u. Hadiisni yaada kana gargaarus hinjiru. Haata`u malee, usuliyoonni (*wantahundee*) Araboonni yeroo Qur`aanni bu`e hubannoo hubataniin ala xiinxaluun dhugaa hiikkaa biraairra ga`uun akka hinhayyamamne ejjannoo qaban. Ejjannoon isaanii yaada jabaan irratti kan hundaa`e ta`us mariidhaaf banaadha.

Al -ShaaxibiinAkkana Jedhu;

Yeroo wanti tokko “shari`aa wallaala (ummiyyatal shari`aa) akka ummata san irratti hoj-maatni isaa hojiirra irra oolu yoo fudhatame Araboota jechuudha–seeronni irratti ijaaraman. Bu`aan kanaa tokko namoonni heddu Qur`aana irraa gargaarsa hedduu waan erganiifi gilgaaluu eeguun daangaa Qur`aanaa akka saayinsiiwwan uumamaa dhaloota ammaatii fi duriitti beekamu. Akksumas, xiin-qoonqa saayinsii sababaa, xin-hiika fi kkf, akka qabaatu waan godhaniifi. Kun garuu taatewwan dursan waaliin hin galmeeffamne.

Abboonnikeenya durii kabajamoon Qur'aanaatti ogummaa kan qaban haa ta'an malee qajeelfamoota mirkanaa'aniif yaadota Aakiraa waa'ee Aakiraatiin walqabataniin ala wayta ibsa kennan hin dhaga'amne. Qur'aanni saayinsii Araboonni duraan dursanii beekan akka ofkeeesaattii qabu ifa. Haa ta'u malee akkaataa aanee qalbii qabaniif hubatan dinqisiisu sammuuwwan irra huumna qabaniin hin qabatamnetti kan ibsame.

Ilaalchawwan shaaxibii yaada Qur'aanni madda seeraa fi ergaa ummata hin baratini – Arabootaaf ergame qofa jechu irratti kan hundaa'e. kanaaf yaadawwaniif akkaataan Qur'aanaa dandeettii hubannoo Arabootaatiin kan murtaa'uun. Namoonni baay'een ilaalcha kana dogongorootahundee kan mara irra jabaata akka ta'e dubbatu. Sababni isaas Qur'aanni addunyaa maraafi yeroofi bakka hundatti akka kitaaba qajeelchaatti Rabbiin irraa kan bu'e waan ta'eefi.

Afaan Arabaa bal'innaafi badhaadhina qabuunhiikkowwanii fi seerota ibsutti sirritti mijjaa'adha. Kana jechuun garuu sammuu Arabaa hiikkoowwan, xiin-lugaa ykn wanta biroo irratti taayta kophaa kan qabu jechuu miti. Dabalataatti Qur'aanni wantoota Araboonni duraan dursanii hin beekne ykn hin hubannee fi qorannoo gabaabaa kana keessatti tarressuu hin dandeenne Hedduu kan of keessa qabu. Rabbiin akkana jedha; -

تِلْكَ مِنْ أَنْبَاءِ الْغَيْبِ نُوحِيهَا إِلَيْكَ مَا كُنْتَ تَعْلَمُهَا أَنْتَ وَلَا قَوْمُكَ مِنْ قَبْلِ هَذَا فَاصْبِرْ إِنَّ الْعَقِيبَةَ لِلْمُنْفِقِينَ

هـ د: 49 ﴿٤٩﴾

“Isheen kun oduu fagoo kan gara keetti beeksisa goonu irraayyi. Sis ta`ee ummanni keetis kana dura ishee beekan hin turre .obsi, dhugumatti booddeen (gaariin) kan warra (Rabbiin) sodaataniiti. (11:49)

Araboonni gadaa Qur`aanni bu`e jiraatan kan ergaan itti himame akkaataa itti hubataniin. Booda hubannaan babaldhannaan, haalawwanii fi dhiibbawwan bu`anii hiikkaawwan dabalataa heddu kan daangeffama afaanii hin dirqisiifne kitaabichaa keessatti dhufe. Bu`aan Kun dhugaadhatti uumama raajeffama Qur`anaa keessa gosa baay`ee barbaachisaadha.

Innis Qur`aanni Bara mara kitaabnummaan tokkosirnaanhubatamee fi jechaawwanii qubeewwan walfakkaatan tokko qabachuun fedhiwwan adda addaatii deebii kennuu danda`uuni.

Hadiisni Al-Tirmiziin *Alii ibnAbu xaalibiin* himame:“Raajiiwwan Qur`anaa hindhaabbatan (kan ittifufani)” kana jechuun hiikkaawwan xiin-lugaa kitaabichaan dabarfaman bira dabruun hinhayyamamu.Jechuun, raajiiwwan Qur`anaa kan murtaa`anii fi yeroodhaa fi bakkaan kan hin daangeffamne akka jechuuti. Arabboonni duri aayaa ykn ayaata murtaa`e waliin

wanta tokko tuquu dhabuun isaani ayaatota kanneenhiikuun kan dhoorkame jechu miti.

Hiikni isaanii dhimmoota dandeettii itti qabanii fi ogeessota itti ta'anii fi tafsiirri barbaachisuuf kan xiyyeeffate jechuu qofa. Bakkeewwan namoonni kuuwwan hinsakatta`in namoonni biraa sakatta`uun dhoorkaa miti.

Ibsootnii fi mormiiwwaan dhimma kana irratti kennaman walittidhufeenni Qur`aanaa fi saayinsiiwwan adda adda jidduu jiru kan sadarkaawwan garaa garaa irra akka jiran kan akeeku.

- 1) Saayinsiiwwan Qur`aanaa irra fudhatamantu jiru. Isaan keessaas *tawhiida*, tashrii`a (seera) fi usuula (*madda fiqhii*) ti.
- 2) Saayinsii biraa Qur`aana irratti hirkatantu jira akka sayinsii afaaniitii fi *balaagaa*(haasawa fudhatamaa) amansiisa ta`e
- 3) Saayinsiiwwan Qur`aana keessatti tuqaman,kan Qur`aana ubachuufi amantaa namni Qur`aana irratti qabu dabaluuuf kan gargaaran. Ramaddin kun saayinsiiwwan namummaafi hawaasaa akkasumas saayinsiiwwan astroonoomii (qorannoo wantawwan samii keessatti argamanii keessatti urjiiwwanii) fi saayinsiiwwan hojjentaa kan qabatu.
- 4) Xumurattu saayinsiiwwan Qur`aana waliin tasumaa walitti dhufeenya hinqabne.

Kanaaf, saayinsiiwwan hawaasaa fi namummaa yeroo ammaatiin walsiman hundeessuun maloota yaadni Islaamummaa fi sirni aadaa Islaamummaa ittin deebi'ee ijaaramu haarawoomsuuf humnoota kakaasuun baay'ee barbaachisaadha.

Ittifufiinsaanis, kaayyoon dameewwan beekumsaa kanneen Qur'aana fi sunnaa Nabiyyii waliin walqabsisuun karaa mara irra ol'aanaa argachuun barbaachisaadha.kaayyoo kana hoj-maatessuun qajeelfamoota karoorra irratti hundaa'uun ni danda'ama.

Tokkichummaa Rabbiin tokkoomsu RabbiinRabbin tokko ta'uu hir'inna kan hinqabne hunda kan caalu baay'ee ol'aanaa uumaa, Rabbi wanta uumame maraa akka ta'e ibsa.

Akka barteetti fi akka salphaatti tokkichummaan amantii jabaa fi rageessuu “Rabbi malee Rabbin biraa hinjiru” jechuudha.Bu`uura Islaamummaati.

Tokkichummaan qaroomina Islamummaati. Eenummaa kan kennu, qamawwan qaroomina Islamummaa barbaachisaa qaama tokko kan qaroomina jenne waamuu kan uumu.

Qajeelfamoonni kanneen keessa kan mara irra barbaachisaa qur'aana mul'ata aadaa Islaamummaatti deebisuu garaa garummaa qur'aanaa fi sammuu muslimaa beekumsaa Muslimootaa fi dhaabawwan namummaa irratti beekumsa sirna qabeessa sirritii kan ibsame Kan gorsa argatan Qur'aana irra ture , ammas kun ta'uu qaba.

Qajeelfamni *lammafaan* sirni sunnaa Nabiyyii ittiin hubatamu fi sirna kanatti fayyadamuun aadaa fi qaroominni Islaamummaa ijaaruuf sirni kun hundeeffamuu qaba.

Saadaffaan aadaa keenya ammayya fi beekumsa ijaaruuf barnootawan irra argachuuf sirnawwan sirri tayyadamuun dhaala Islaamummaa (aadaa fi senaa Islaamummaa) irraa beekumsa waraabachuun barbaachisaadha.

Qajeelfamni *Afraffaan* yaada arabaa yeroo ammaa beekuudha. Yaada kana qorachuun, hubachuu fi fayyadamuu.

Tarsimoowwan fudhatamuu qabamus tooftaa Qur'aanni ittiin hubatamuu fi faaydaa irra ooluun dursa kennuuni. Adeemsa ergama kanaa keessattis, galmeen Qur'aanaa qorannoo fi qu'annoo irratti hundaa'e kophatti uumamuudha qaban; -

- 1) Karaawwan Qur'aanni itti hubatamuu fi madda aadaa, beekumsa, saayinsii fi qajeelfama jalqabaa Muslimoota yeroo ammaati ta'an.
- 2) Dhimmoota tafiira, *ta'awiila* (hiikkaa tafiira hiikkoowwan yaada dhiyeeffamanii) ramaddii fi mata dureeffama Qur'aanaa, walitti dhufeensa saayinsiiwwan Muslimoota isaan durii fi ammayyaa waliin qabu fi walqunnamtii saayinsiiwwan Kun Qur'aana waliin qaban.
- 3) Dhimmotni biraa kan xiyyeeffatan
 - a. Beektonni Muslimaa dandeettii isaanii durii bakka deebisuun qur'aana gita sirrii ta'een hojiirra akka oolu taasisuu.

b. Qur'aana gara hundhaara aadaa, beekumsaa fi qarooma muslimootatti fiduudha.isaan booda qur'aanni gahee haarawoomsa ni taphata, beektotni keenyas ni haarawoomu.

Galmeen Qur'aana fuuldura yaadamu *sheek muhammed Ghaazaaliin* kitaaba isaanii *kayfa Nata`mal ma`a al Qur`aan* keessatti kanjalqabamee fi seminaarota (walga'iiwwan) fi qorannoowwan ilaalaniin ittifufamuu kan danda`amu kitaabni kun dammaqina haaraa uumuun qur'aana haala amansiisaa jijjiirama addunyaatti fiduuf yaalii kan godhu.

Qur'aanni gaaffiiwwan hundaaf deebii kan kennu ykn rakkoowwan maraa furmaata kanlaatu ta`u danda`a jedhanii yaaduun barbaachisaa miti. kun qorannoowwanii fi barruwwan haalawwan Qur'aana itti dhiyaatuu qabuu fi matadureewwan Islaamummaa irratti hubannoo dhabiinsa ilaalchisuun sirreessuuf adeemsifaman keessatti kan akeekame ta`us, kaka`umsa Islaamummaa hammayyaa hundeessuuf tarkaanfii jalqabaati. yaaliin godhamuu qabu dhaala (aadaa fi seenaa) Islaamummaa ilaalcha namummaa irraa deebisanii ilaaluu fi madaaluu dha.

Qorannoon kunii fi hojiiwwan fuuldura mataduree kana irratti adeemsifaman, qabiyyeewwan yaada Islaamummaa yeroo ammaa dhaalamanii ittiin dalagamaa jiraniin addaan ba`uu hinqaban. Faallaa kanaa, dhaala Islaamummaa dhogoonfamuu danda`anii fi akkaataafi *mazhaboota* yaadaa maraaf deebii dhugoomsu kennuu qaba. Keessattuukanneen gadaa kufaatii,

duubattihafummaa fi beekumsaan duubatti hafuu turaniif. Qur'aana ummata beekaa qalbii qabeessaa caalatti akka hubatamu ittigaafatamummaa Islaamummaa hojii kanaati.

Kitaabni kun seensawwan jajjaba heddu mata dureewwan baay'ee calanqisan akkasumas gaaffiiwwanii fi deebiiwwan dammaqina Qur'aana irratti hundaa'an kan qabu. Dammaqinni kun sirna qajeelfamoowwan kan qabuuf yaada hunda xiinxaluun kan fudhatu.

Qur'aanni madda hayyoonni dirreewwan beekumsaa addaa isaaniitti irraa dabalatani. Hundee addunyaa kan ittiin hubatanis. Akkaataawwan ittiin hojjatiinsa Qur'aana haala jijjiirama seensa yaada namummaan walqabatee garaa garummaa kan agarsiisu. Namni Qur'aana guututti dubbisu nama ayaata dhuunfatti dubbisuun adda. Akkasuma namni Qur'aana akka kuusa sheekoo seerawwan jajjabeessawwan fi sodaachisaawwan akka Insaaykloopeediyaa hunda qabataa waa'ee ardii fi samii fi jireenya sochii qabu, kan namni hawaa ittiin hubatu sochiiwaniifi walitti dhufeensa ittifufiinsa qabu, haala bara mara jijjiiramaa yeroofi bakkaa ittiin hubatuun adda.

Qur'aanni wantoota adda isa godhu kan ibsu Ibsa waaqaa Rabbiin irraa bu'e akkaataa barahundatti kan dabree - kan ammaa fi kan fuulduraati akka deebii qabu of ibsa.

﴿٣٢﴾ وَالَّذِي أَوْحَيْنَا إِلَيْكَ مِنَ الْكِتَابِ هُوَ الْحَقُّ مُصَدِّقًا لِمَا بَيْنَ يَدَيْهِ إِنَّ اللَّهَ بِعِبَادِهِ لَخَبِيرٌ بَصِيرٌ

﴿٣١﴾ ثُمَّ أَوْرَثْنَا الْكِتَابَ الَّذِينَ اصْطَفَيْنَا مِنْ عِبَادِنَا فَمِنْهُمْ ظَالِمٌ لِنَفْسِهِ وَمِنْهُمْ مُقْتَصِدٌ وَمِنْهُمْ

سَابِقٌ بِالْخَيْرَاتِ يُذِنُ اللَّهُ ذَٰلِكَ هُوَ الْفَضْلُ الْكَبِيرُ ﴿٣٢﴾ فاطر: 31-32

“Kitaaba (Qur`aana) irraa waan isa duraa kan dhugoomsu ta`ee kan nuti gara keetti buufne isatu dhugaadha. Dhugumatti, Rabbiin gabroota isaa akkaan beekaa argaadha. Ergasii kitaaba (Qur`aana kana) isaan gabroota keenya keessaa filannee dhaalchifnee jirra. Isaan irraas nama lubbuu ofii miidhutu jira, isaan irraas nama karaa jidduu galeessa filatutu jira, isaan irraas warra hayyama Rabbiitiin hojiwwan gagaarii irratti dursantu jira. sun isumatu tola guddaadha.” Qur`aana (35:31-2)

Ayaanni/ Keeyyatoonni kun Qur`aanni dhaabbataan akkaataa fi fedhiwwan bara mara adeemsa of haarawoomsa keessa jiraniif deebii akka qabu ibsa:

فَلَا أَفْسَرْ بِمَوَاقِعِ النُّجُومِ ﴿٧٥﴾ وَإِنَّهُ لَقَسَمٌ لِّوَتَلَّمُونَ عَظِيمٌ ﴿٧٦﴾ إِنَّهُ لَقُرْءَانٌ كَرِيمٌ ﴿٧٧﴾ فِي كِتَابٍ

مَكْنُونٍ ﴿٧٨﴾ لَا يَمَسُّهُ إِلَّا الْمُطَهَّرُونَ ﴿٧٩﴾ لَوْعَة: 75-79

“seensa urjiwwaniitiniin kakadha. Inni dhugamatti odo kan beektan ta`ee kakuu guddadha. Dhugumatti Inni Qur`aana kabajamaa dha. kitaaba akkan ergamaa (lawhal Mahfiuuz) keessa jira warra qulqullu malee (eenyulleen) isa hin tuqu.” (56:75-9)

Qur'aanni seenaawwan Rabbiin waa'ee abboota keenyaa kan durii haasa`u keessaan wanta adda isa godhu qaba. Kitaaba waaqa irraa bu`e kan hindogongorree fi kan hin jijjiiramne:

إِنَّا نَحْنُ نَزَّلْنَا الذِّكْرَ وَإِنَّا لَهُ لَحَافِظُونَ ﴿٩﴾ لِحَجَر: 9

“Dhugumatti Qur’aana Numatu buuse. Numatu isa tiksaaadha. (15:9)

Kaanaf dhaloota fuuldura uumamaniif dhimmawwan isaaniiti galmee amanamummaa kan qabu:

وَمَا أَرْسَلْنَا مِنْ قَبْلِكَ إِلَّا رِجَالًا نُوْحِي إِلَيْهِمْ فَسَتَلَوْا أَهْلَ الذِّكْرِ إِنْ كُنْتُمْ لَا تَعْمُونَ ﴿٤٣﴾ بِالْبَيِّنَاتِ
وَالزُّبُرِ وَأَنْزَلْنَا إِلَيْكَ الذِّكْرَ لِتُبَيِّنَ لِلنَّاسِ مَا نُزِّلَ إِلَيْهِمْ وَلَعَلَّهُمْ يَتَفَكَّرُونَ ﴿٤٤﴾ لِحَجَر: 43-44

“Nuti si dura dhiirota wahyii gara isaaniitti goone malee (waan biraa) hin ergine. Yoo kan hinbeekee taatan abbootii kitaabotaa gaafadhaa! Akka namootaaf wan gara isaaniitti buufame ibsituufi isaanis xiinxalaniif Qur’aana gara keetti buusne.” Qur’aana (16:43-4).

Kitaaba dabsaa fi xiinxanaawummaa kanaan dura fi kitaabota kaawwanii irraa of ittissuu kan danda`u:

وَلَقَدْ آتَيْنَا مُوسَى الْكِتَابَ فَآخْتَلَفَ فِيهِ وَلَوْلَا كَلِمَةٌ سَبَقَتْ مِنْ رَبِّكَ لَفُضِيَ بَيْنَهُمْ لَفِي سَكِّ مِنْهُ مَرْيَبٍ ﴿٤٥﴾ فَهَرَلَات: 45

“Dhugumatti Muusaaf Kitaaba Kenninee isa keessatti Wal-dhabame osoo jechi Rabbi kee biraa dabarte jiraachuu

baatee gidduu isaaniitti murtiin ni kennamaa ture. Isaan isa irra mamii mamsiisaa keessa jiru.”Qur’aana (41:45).

Akkasumas Qur’aanni, wantoota adda godhu baay’ee qaba. Qur’aana qaamummaan tokkichummaa (walta`iinsa) sirnaatin ibsuu dandeenya.kun kitaabichi tarreeffamee tartiibni aayataa haala yeroo Ibsi Qur’aanaa waaqaa bu`een booda haala qindeeffameen ibsa aanuu kan danda`u. Wantoota Qur’aana adda godhan kunniin haqa Qur’aanni Rabbiin akka eegamuu fi haala barbaachifama yerootiin qabeenya of keessa qabu ilmee namaatii gumaachuu wanta Qur’aana kitaaba addaa godhan keessaati .

Qur’aanni jecha Rabbii yeroo fi bakkaan jijjiiramuu miti. Waa`ee hawaaf uumaasochii fi walitti dhufiinsa isaaniitiif dammaqina guutuu uuma. Beekumsa jechoota rabbii qabatee dammaqina jiruu guutuu qaba. Kanaaf dhaloonni durii, ammaatii fi fuulduraa haala kamiinuu Qur’aana guutuun gututti hubachuu hin danda`an.Iddooisaa wanta qaroominni haala hawaasummaa fi seenaa akkasumas akkaataa yaada yeroo keessa jiraataniin barbaachisan irraa kan argatan.

Barbaachisummaan kitaaba*Sheek Al-Ghazaaliin* wanta hiikkaa addaa dhiyeesseefi miti. Yaada Islaamummaa ammaan tanaa hanqinoota adda addaa irraa qulqulleessuungara barbaacha beekumsa haarawaa qajeelchuuf yaalii waan godhuufi. Kun hawaasa Islaamummaa jijjiiramoota haaraa fi fooyyeewwan

haaraa addunyaa keessatti raawwatamaa jiran keessatti milkaa'ina uumuufi.

Dhimma kamiinuu yaadni hundummaa (*universality*) yaadaafi kaayyoo amala Islaamummaati. Sochii Islaamummaa addunyaa guutuu ga'uu yeroo jalqabaa kan hundeesu Islaamummaadha. Kunis yeroo nabiyyicha xumura nabiyyootaa akka ta'an Qur'aana xumuraa fi ol' aanaa kitaabota rabbi irraa bu'anii akka ta'e ibse kan ta'e.

Caalatti qaroominni Islaamummaa garaagarummaa addunyaa bahaa fi dhihaa fi qaroomotaa fi sanyiiwwan biyya jiddu galeessa addunyaa durii daangessan tokkoomsuun daangaa isaa galaana Atlaantiikii gara dhihaatti hanga galaana Indiyaa diriire kan mirkanaa'e.

Miirri hunda giddu galeessa godhachuu gadi fageenyaan caasaa Islaamummaa keenna keessa kan ture. Kanaaf rakkoo qaroomina adunyaa akkasumas furmaatawwan Islaamummaan dhiyaatan hubachuun barbaachisaadha. Kun hojiiwwan yaada namaatiin galma ga'aniif mirkanaa'an akkaataa tokkoon walitti qindeessuufi ol' aantummaa Islaamummaan seenaa ilma namaa keessatti qabu walfaanaa hubachiisuun barbaachisaa ta'a. Kun kan ta'e dhugaa barruun kitaaba Qur'aanaa haala yoomiyyuu hin jijjiiramin ykn hin amayaa`initti.

Asiratti barbaachisummaa dammaqina sirna yeroo ammaantanaa xuquun gatii kan qabu. Kun naannoowwan keessa

jiraatan dagachuun ykn tuffachuun jama'aa yeroo tokkoo ykn bara tokkoo ta`uun kan mirkanaa`uu miti.

Guddinaa fi misoomni wantootamirkaneeffaman kuusuu fi argamoowwan heddu gara caasaa hawaasummaa durii dabarsuu qofa miti. Jijjiirama qulqullina caasa diinagdee, hawaasummaa fi aadeffamaa keesatti uumamu. Kun Qur`aana haala haarawaan qorachuu fijireenya haaraa deebiikennuuf dammaqiinni fayyaaleessii barbaachisaadha.

Yaanni hawaasa yeroo ammaa itti fufiinsa hawaasa duriiti jechuu miti. Ilaalcha yeroo fuul duraatiin jijjiiramawwan seenaa hawaasni yeroo ammatti muudamuuf ulaagaa guutu qofa muldhisa. Jijjiiramawwan kunniin kan hawaasni akka deebi`ee of argatu taasisani. Nuuf kana jechuun daangawwan addunyaajijjiiramaa keesatti Qur`aana irra deebi`uun argachuu jechuudha. Kallattii daangessaa kana irraa yoo hubanne hawaasni Arabaa fi Islaamummaa heddu yeroo ammaa keessa waan jiraataniif akka bara tokko waliin jiraataniitti ofilaalani.

Ta`us dhugaadhatti haala yeroo ammaa waliin jiraata hin jiran. Dammaqina aadaa sammuu yaachisaafi xiinxalaa, beekumsa sirnaa`aa argachuuf rakkoowwan hardhaa furuuf nadha ol`aanaa addunyaa guutuu hin qaban. Uumatni Arabaa fi Islamaa fedha yaada aadaadabreetti rarra`uu qabu. Kan jiraataa jiran garuu bara ammayyaa dunyaa essaa keessa qoqqoodamani kun dhageettii walii-waliinii (ammummaa) dadhabina haala

dammaqina hundummaa walii –waliin jiraatanii irra ga`uuf deebii itti kennuu akka qabaatan taasisaa jira.

Kanaaf hoggantoonni beekumsaa, sababoota kanneen keessa jiraatan gariin meeshaa yaada aadaa irratti hundaa`an oomishuun osoo uumama jijjiirama seenaa fi hawaasummaa addunyaa guutuu siritti hinsakattaa`in, wanta dabre yeroo ammaa keesatti uumuuf yaalii godhaa jiran. Mata dureewwan abboonni keenna haqa hojjattoonni bara isaanii dhimmoota isaanii keesatti hojjataniin carraaqqii (*ijtihaad*) qopheessuun qofa kan gammadani.

1-Ijtihaad: ijtihaadni yaalii sirna–qabeessa waa uuma hukmiiwwan seera maddawwan saneen irraa argachuudha. Adeemsa kanatti haalawwan saba Muslimaa keessatti bara baraan geeddaraman hubachuun barbaachisaadha.

Hooggantoonni beekumsaa kunniin garaa garummaa seenaa kibba lamaan jidduu jiru waan hin hubanneef barbaachisummaa ijtihaadni bara ammayyaatiif qabu hin argani. Abboonni haqa hojjattoonni fakkeenya *ijtihaadaa* ta`uu dhiisanii fakkeenya akkeessaman ta`u.

Fakkii kana cabsuun argannoowwan guddinaa fi fooyyefama dhiisuufi gufachiisan, haala baldhaa seerota heeraa fi siyaasaa ga`an akkasumas walitti walitti dhufeensa diinagdee fi addunyaa-lessaa gufachiisan addatti beekuuf yaalii gudhuu qabna. Haaromsa seena-qabeessaa kuniin akkamitti sadarkaawwan a`imaaakka miidhanii fi murannoo dameewwan

fiqii akka *muhaddisoonni* dhimmootasunnaa sanadaan wal-qabataniif dabarfama hadiisaa qoratan ibsuu qabna.

Ilaalchi seena qabeessaa akkanaa *fiqhii* sadarkaa seenaan dhabsiisetti sadarkaa haqaatti deebisuuf kan gargaaru. Waldhabiinsa jidduu hooggansaa fi ulamaa, fiqii, suufiyyummaa, akkasumas qoqqoodamaa namoota osoo sunnaa hin eerin Qur`aana qoratanii osoo Qur`aana hin eerin sunnaa qoratanis kan saaxilu. Waldiddaan akkanaa sirna Islaamummaa keesatti uumamuu kan hin qabne ture. Sababnis Rabbin hojiiwwanniifi kallattiiwwan Islaamummaa maraafuu Qur`aanni ol` aanaa waldhabbiirraa bilisa ta`e akka xiyyeefannaatti waan jiruufi. kun fedhii Rabbi fi yaaliin namni Qur`aanaaf qabu walitti dhufanii itti gaafatama qaroominaa guutuufi madaalamaa bu`aawwan muslimootaa fi uumama hundaan qoodamuu danda`u kan uumu.

“Guyyaa nuti ummata hunda keesatti lubbuma isaanii irraa ragaa isaan irratti baafnuufi sis (yaamuhaammad (SAW) isaan kana irratti raga goonee si fidnu yaadadhu. Waan hunda addeessuuf jecha muslimtootaf qajeeluma rahmataafi gammachuu goonee kitaaba (Qur`aana) siratti buufne.”

(Qur`aana 16:89).

Kallattii adeemsa sunnaa haalaan hubachuu

(Dr Xaahaa I. Al Alwaaniitiin)

Jalqaba Islaamummaa irraa eegalee sunnaan haala daangaa *ulamaa`aa* fi *mujtahidootaan* (isaan wal`aannsoo

godhaniin) beekama. Seerri isaa qur'aanatti aanee lammaffaa irratti argama. Akka sunnaan Qur'anaa ibsutti fi ifa godhutti lameenuu waan gargar hin baanee fi akkasuma caalatti barnoota fi sirna qur'aanaa waan hojii irraa oolchuufiidha.

Kanaaf ajajni sunnaa Islaamumaadhaaf barbaachisaadha. Haqa kana Muslimoonni durii eenyuyyuu hinmormine. Dhaloota booda dhufan keessaa garuu sunnaa Nabiiyyichaa akkaataa hadiisawwan haqaa fi amanamaniin tursaman keessatti ibsamaniin seenaa tartiibaan barreeffamaniif seenawwan gabaabaa durii jidduu jiru hubachuuf namoota beekumsa gadi'aanaa qabantu ture.

Namoonni kun seenawwan duriif gabaasaota kunniin hangam akka fudhatama qaban beekumsa ilma namaa dabaluuftii gatii akkam akka qaban ykn bakka yaada qabatamaa fi sababaa, akkasumas raga qabaniin injifataman amanama qaban kan beekan hinturre. Namoonni odeeffannoo dogongora qaban kun haasawni sirnaa fi dhimmi falaasamaa kun wanta walddhabiiinsa sunnaa ilaalu itti fakkaata ture.

Sunanoota (barteewwanii fi hojiiwwan) gabaasawwan walitti firooman, gabaasawwan akka gabaasaa kophaatti wanta hubataa turanii mormiin akka gabaasota irratti xiyyeefachuuun uumaman taasiseejira.

Garaa garummaa sunnaa akka fakkeenyaati fi qajeelchawwan Nabiiyyiidhaan kaa'amaniif fi daandii ittiin dabran jidduu jiru guddaa arguu hindandeenne.

Akkasumas, haala addaa addummaa hojiiwwan gochawwaniif jechawwan nabiyyiitii ittiin gabaafamee fi gabaafama namoota kaawwanii arguu hindandeenne. Bu'aan gaddisiisaa faajja'uu kun mormiin sadarkaa sunnaa kan moromsiisutti akka jijjiiramu taasisee jira.

Kitaabota qarannoowwan *usuula fi Hadiisaa* Keessatti bakkeewwan heddu morkii akkanaatin kan guutamani. Humni baraaxa'e kun sirna hubannoo sunnaa sirrii fi hiikkaawwanif barnoota irraa argachuuf ooluu kan danda'u ture. Kun Muslimoonni bakka mara fi yeero kamiyyuu jiraatan yaada isaaniitii fi haala jireenyaa isaanii barnoota sunnaa irratti hundaa'anii akka gamteessan kan tasisu ture.

Mormiiwwan amanamaa gabaasawwan hadiisotaa waliigalatti, Keessattuu kan *ahad* ilaalan rakkowwaan akkaan miidhama geggeessan heddu qaban. Taateewwanii fi falmiiwwan kun Muslimoota jiddutti garaa garummaa kan gadifageenyaan uumaniif qorannoowwan fi barnoota Islaamummaa irratti gaaddidduu kan uumaniidha. Kun hojiiwwan baay'ee haasawa qabatama hin qabnetti gadi deebisee jira. *Ahadi* Hadiisota raga seenessaa tokko irratti qofa hundaa'e.

Falmiiwwansadarkaa sunnaan Qur'aana waliin qabu ilaalaniif nasakami jidduu jaraa jiru akka Muslimoonni qeequ barbaachisaa hinta'iniin haqummaa seenawwan hadiisaa, namoota hadiisota gabaasandhaadhessanii fi kanaqorachuun yeroo dheeraa akka dabarsan taasisee jira.

Hojjiwwanii fi maloota qorannoo, barnoota, xiinxala fi hubannoo kitaabota muraasaa osoo ilaalamee, akkasumas hadiisaawwan hariiroo yeroo fi bakkaa, naannoo fi haqa, yaaliiwwan gurguddaa fi jaldiiwwan qorannoo *al-isaaniid* walbira qabanii osoo ilaalanii jalqabaa fi uumama rakkoowwanii fi fajaaja'a kanaa beekuun hindanda'ama.

Kana malees, humni baay'ee guddaan toora seeraa irratti dhumullee kan wal nama hin mormisiifneedha. Hojjiwwan kun dhimma seeraa qofa osoo hin taane dhimmoota hawaasa Muslimaa hunda kan of keessatti hammateedha.

Sunnaan waliigalatti sadarkaa qajeelfamaa kan bakka bu'u kunis sirna Qur'aanaa haala seenaa fi biyyaa, haala diinagdee, siyaasaafi hawaasummaa murtaa'ee tokko hojjiirra ooluun waan ta'eef, qorannoon sirnoota hubannoo sunnaa bifawwan barnoota usuulaa fi hadiisaa keessaa ol'aantummaan barbaachisaa akka ta'e yaadama.

Kun, bara Islaamummaan guutuun guutatti hojii irra oole, yeroo Qur'aanni yaadota Islaamummaa jireenya haqaatitti jijjiiruuf ga'ee ol'aanaa taphataa ture fi yeroo seena-qabeessa kun bara dhaloota dhufuun ka'amuufi fakkeeffamuuf yaalamu ture.

Kanaaf, sunnaan tajaajilu bu'uura irra caalatti ergaa Rabbi fiixaan gahuuf karaa ol'aanaa, sirritti kan ibsame, dhugaadhatti Ergamsa kan galma gahuudha. Sirna haqaa, baratame, guututti sirna Qur'aanaa ofkeessaa kan qabu. Kun

ogummaa Rabbiin Qur'aana uumama ittiin tursiise ta'uu hin oolu. Nabiyyiin isaanuu qubeewwan Qur'aanaa tokko tokkoon tursiisuuf murannoo cimaa kan qabaniif dubbiftootaa fi dhaabbata yeroo Qur'anaa hunda kan hordofan ture. Sababni akeekkachiisni qubee Qur'aanaa akkaataa samii itti bu'een akka turu, ayaatni kamiyyuu gabaabinnaan akka hin dabarfamne kanaafi.

Kun sunnaaf dhugaa miti. Sunnaan tursiifame dabarfamuu kan danda'ame ta'us, rakkooleen dubbataman kunniin irratti hindirqisiifamne. Akka Qur'anaa akka bareeffamu Nabiyyiin hingoosifne. Akka Qur'aanaa jibriiliin waliin irra deebi'anii hin shaakalle. Sababni garaagarummaa daandii kun sunnaan sadarkaa ol'aanaa dandeettii ilma namaa keessatti haala Nabiyyichi Qur'aanaafi deebii guutu kennaniin muxannoo qabatama qabu taasisuufi.

Nabiyyiin Qur'aanni dhimmoota jireenyaa guyyaa guyyaa fi sochii addunyaa keessatti hojiirra oolchaa turan, yeroo da'awaa godhan, barsiisan,naannawa isaanii keessatti jijjiirama fidan, dhoorkan ajaja kennan, gorsan, mari'achiisan, murtii kennan, naamuseessan, waraanan, nageenya uuman, waliigaltee irra ga'an ,daldaalan, ergaawwan waljijjiiran, maatii horatan, hiikan, ijaaran, diiganiifi imalan sirnoota Qur'aanaa hordofaa turan.

Sirni Qur'aanaa hojiiwwan nabiyyii kan hordofuu fi kan too'atu ture. Aayaatonni baay'een sirni kun akkamitti akka

hojjatamu yeroo barbaachisaa ta'es akka qeeqa'mu, xiinxalamu, sirraa'uu fi qajeelfamu kan madaalan turan. Sababni hoj-maata sirna Qur'aanaa daangeffama ilma namaatiin kan hidhame akkasumas dhiibbaa yeroo-bakkaa jalawaanjiruufi Rabbiin "hanga dandeettan dammaqinnaan Rabbi yaadadha" wanti jedheef kana.

Yeroo namni Nabiyyii ala ta'e sirna Qur'aanaa hoj-maata isaa, Kan Nabiyyii waliin walbiratti qabamee akka madaalamu fedhii ol'aanatu jira. Sababni namoonni Nabiyyiin ala jiran fedha dhuunfaa akkasumas, dhiibbaawwan osoo hinyaadamin tasa ta'aniif dadhabina muldhisuu waan danda'aniifi.

Kanaafi , fakkeenyaaf waa'ee *ibaadaa* keessatti muslimoonni hundi isaan qofa hordofaa kan turaniif isaan fakkeessuun hojjachuu irra fakkeenya isaanii hordofuun sochii sammuu fayyadamuun hubannaa guutuu wantoota naannawa fakeenya hordofamu jiran gaafatuufi dhaabbatni yaada islaamummaa addunyaaleessaa hubatama, hundumina,xiinxalama guutuu fi sunnaan hayyuuwwan Muslimaa biratti hardhaan tanan akka madda beekumsa islaamummaa fi aadaatti sirnaan fayyadamuun barbaachisa akka ta'e yeroo hundaa kan hubatu Hundeewwaniif maddawwan islaamummaa akkasumas hubannoon isaanii ijaaraama beekumsa, aadaa fi qaroomina ummaa keessatti wantoota akka bu'uraatti gaafataman sirritti ibsamuu kan qabani.

Dhaabbatichi kaayyoo kana milkeessuuf tarkaanfiiwwan heddu fudhachuuf murteesse jira. *Jalqabatti*, barnoota *usuulaa* fi *Hadiisa* irratti xiyyeeffatan dhimmoota sirritti hundeen qorataman irraa gara dhimmoota furmaata hin argatini jijjiiruuf karoorfatee jira.

Akkanaan dhaabbanni gaaffiin amanamummaan sunnaa xumuramaan akka ibsamee fi muslimoonni rabbi fi Ergamaa isaatti amanan hundi amanamummaa sunnaa kanaa waakkachuu akka hindandeenne hubata.

Dhaabbatichi qorannoo ogeessa *usuulaa* yeroo amma Sheekh Abdal Ghaani Abdal Khaaliqin qophaa'e *Hujjiyat al sunnaa* (Amanama seera qabeesummaa sunnaa) maxxansee jira. Qorannoon kun mata-duree kana irratti qorannoo akkaadeemii gatii guddaa qabu hojiiwwan ol'aantummaan barbaachisaniif fi dhimma kana irratti kan dhaabbatichi akka jecha xumuraatti ilaaiu.

Dhaabbatichi yeroma kana, xiyyeeffannoo qorattoota dirree qorannoo kana keessa jiraniif sunnaan qorattoota beektotaa fi hayyuuwwaniif mata-dureewwan addaa addaati bira ga'amu akka danda'amu godhuuf teknoolojii odeeffannootti akka fayyadaman yaalii godhee jira.

Dhaabbatichi hayyuu kaayyoo kana qaban kanninis gargaaraajira. Caalattis, dhaabbatichi sunnaan haala mata dureetiin akka ramadamu, kaayyoo sunnaa madda fiqhii daangeffamaa qofa godhuu irra madda beekumsa saayinsiiwwan

hawaasaa godhuuf qabnu bakkaan ga'uuf sirnoota saayinsaawaa mijaa'aa mara fayyadamaa turee jira.

Akka xumuraatti dhaabbatichi beektota kabajamoo affeeruun dhimmoota sunnaa fi ga'ee qaroomina Islaamumma deebisanii ijaaru ol'aanaaIlaalan irratti kitaabawwan akka barreessan kaka'umsa jalqabee jira. Hayyuun kabajamaan *sheikh Muhammad Al-Ghazaaliin* gumaacha fudhatama sirritti argate *Al sunnaabayna Ahl al Fiqh wa Ahl al Hadiis* (sunnaa Ogeessota Fiqii fi Hayyuuwan Hadiisaa Jiddutti) jechu kennanii jiru kitaabni kun maloota sunnaan ittiin hubatamuu fi garee garummaa namoota caasaa asaaniidaa fi gabasotaan dhimmamanii fi namoota fedhi isaanii sunnaa hubachuu fi barnoota irraa argachuu jidduu jira irratti yaada kandhiyeessu.

Beekaan filatamaan kun ilaalcha jaarmayichaatti kitaabawwan isaanii akkamitti akkamitti akka barreessanii fi maxxansan muxannoo fi beekumsa gahaa qabu. Haata'u malee, waan xixinnoo fi fakkeenyawwan kitaaba isaanii keessatti dhiyeessan garii irratti qeeqni dhiyaatee jira. Sababa kanaan kan ka'e wantoota xixinnoo irratti waca dhiyaateen ergaan ijoon kitaabichaa heddu hinbubatomne.

Kitaabichi akka jalqabatti kan xiyyeeffate namoota beekumsa shari'aa bu'uraa fi sirna qorannoo, beekumsa seenaa, himamsaa fi Afaan Arabaa ga'aa hinqabne sababa kanaan Hadiisota sirritti hubachuu hin dandeenne.Namoonni baay'een Hadiisota kan dubbisan uumama Hadiisotaa osoo hinhubatin

ykn sababoota ykn gochaawwan jechoota Nabiyyii booda jiran Hadiisota keessatti muldhatan osoo hin hubatini ykn haala guutuu hadiisotaa osoo hinhubatini.

Kanaaf, hubannoon isaanii hanqataa fi Kan joonja'e waan ta'uuf beekumsa Hadiisaa xiinxalame namoota biraatti dabarsani. Namoonni akkanaa sunnaan akka Qur'aana dursu falmuun Qur'aana diiguu danda'u. Kanaan caalattis, wayta falmii hadiisota gargaaran caala dhugaa ta'aniif falmii isaanii faallessaniin walitti dhufan, uumama faalleeffama kanaa hubachuu hinbarbaadan, akkataawwan hadiisota kana ittiin madaalan ykn qajeelfamoowwan hadiisota isaan duratti dhiyaatan sirritti ittiin hubatan hin dubbatani.

Kitaabichi beektootaafi qorattoota barnoota sunnaa irratti kanxiyyeeffate. Xiyyeeffanoo isaanii keessaa garii maloota sirna qabeessa hubannoo sunnaatii akka oolchan kan gorsu, kunis hubannoo sirrii yoo hinjiraatin sunnaan, fiqiin, qaroominni islaamummaa yknbeekumsi dhugaa jiraachuu waan hindandeenneefi.

Dhaabbatichi yeroo rakkoo ergaa kitaaba sheikh Al-Ghazaalii kana hubate, kitaabota lama gadifageenya qabu akka qopheessan *Dr. Yuusuf al Qaradaawii* gaafate. Kitaabni tokko sirnawwan sunnaan ittiin hubatamu irratti kitaabni biraa sunnaan akka madda beekumsaa ta'e kan ibsu. Kitaabni jalqabaa jaarmayichaan mata-duree *kayfa Nata'aamal ma'a al sunnaa al Nabawiyyaa* (Tooftawwan Hubannoo sunnaa) jedhuun

maxxanfamee jira kan lammataa yeroofuul-dureetti kan maxxanfamu ta'a- Inshaa'a Allaah.

Sunnaan jireenya Islaamummaa yerooammaan tanaa keessatti ga'ee si' aawaa fi ol'aanaa akka qabaatu deebiin ijaaruuf yaalii godhamu keessatti barnoota ol'aanaa Islaamummaa irraa mara caalatti wanti barbaachisu gosti barnootaa garaa garaa fi barnootawwan Hadiisaa sunnaahaala sirnaawaan barsiisu akka ittidadalamuu dha. Muslimoonni sunnaa hubachuuttifedha dabalaa akka deeman yaadama.

Qajeelfamawwaniif haalawwan hubannoo sunnaa caalatti dinqisiifachuuf sababiiwwan sunnaa irratti hubannoon dhabameef beekuu fi tamsaasuu qabu.

Dhimmawwan walirra maqaman hubannoo sunnaa keessatti jeequmsa maaliif akka argamsiisee fi jeequmsi kun akkamitti ilm al kalaam (barnoota amanti) mormii amanama sunnaa keessatti akka qabate dinqisiifachuu qaban.

Hubannoo sunnaa guutuu fi itti dhiheenya sirnaa-qabu hundeessuuf gaaffiiwwan sadii gadi- fageenyaan qoratamuu barbaachisaadha.

1. Akkaataawwan Hubannoo

Rakkoon sunnaan walqabatan gaaffii sirritti Hubannaa sunnaa yoo ta'e sababawwan waldhabiinsaa fi joonja'uu seenaa keessatti yeroo addaa addaa sunnaa irratti ta'u maaliif?

➤ Ulaagaawwanii fi dandeettiiwwan sirnaan hubannoo sunnaatiif barbaachisan maalfaadha?

➤ Islaamumaan jiraachuun hubannoof barbaachisidha (haalduree) dha?

➤ Dhabamsa hubannoo jabaa hinjifachuun akkamitti danda'ama?

➤ Jeequmsa haala murteessaa fi xumuramuun furmaatessuu akkamitti dandeenya?

➤ Gaaffii dhimmawwan walmaqsanii joonja'uu maddisiisan haala akkamiitii murtee ssina?

Ilaalcha qorattoota hedduutiin, dhimmootniKun amanama gartokkee ykn guutuu sunnaa irratti Kan falmii uuman. Falmiin kun morkiiwwanii fi of tuultummaaf sababa kan ta'e yoota'ellee, seenaan islaamaa muslimoota durii biratti dhimma ta'ee hi ilaalamne.

2. *Garaa garummaa fi Qoqqooddaa*

Hawaasni Muslimaa gartuulee fi jaarmayaalee addaa addaatti akkamii fi maaliif qoqqoodame?

✓ Waldhabiinsi hiikkaa (tafsiiraa) hubannoo fi dabarfamni ykn tamsaasni sunnaa akkasumas amanamni muldhata jama'aawwan kanneeniitiif akkamitti gumaache?

✓ Sunnaan gartuleewwanii fi jama'aawwan islaamaa kana jiddutti akka meeshaa waraanaatti akkamitti dhimma itti bahame?

✓ Haalli oomishama hadiisota kijibaa, dhabamni hubannoo guutuu fi sunnaa sirna seeraatiif qofa fayyadamuu akkamitti argame?

✓ Dhiibbaan ta'umsawwan argamajama'aawwan addaa addaa irratti uuman maalfaadha?

✓ Qunnamtiin ta'umsawwan kunniin gaaffiiwwan teeknikaa addaa barnoota hadiisotaa fi xinxala namoota hadiisa seenessanii walii qaban maali?

✓ Dhimmoota kunniinMartii qaama barnoota sunnaa kanaan dura beektota *usuulaa* fi qorattoota kalaamaa tiin haasawaman akkamitti ta'uu danda'an?

Dhimmoota akkanaaangoo sunnaa, sadarkaa Qur'aana waliin sunnaan qabu, ayaata garii sunnaan nasakaman, ibsamaa fi murteefama daangaa waliigalaa dubbii Qur'aana keessa jiruu *ijtihaada* Nabiyyii, falmii ijtihaada kanaa akkasumas qu'atama "sunnaa haasawame" fi hubannoowwan Qur'aanaa dhimmoota kana ilaalan garii kan qabatu.

Watootni kunniin, haala sammuu Muslimootaa irra ilaalcha beekumsaafi barumsaatiin fiduu danda'an maali? Haalli seenaa dhimmoota kunniin ittiin argaman maali? Faaydaan beekumsa dhimmoota kanaa maali? Dhiibbaan ammaa achi uumuu danda'an hoo? Karaawwan ol'aanaan barnoota ammayyaa sunnaa keessatti furmaata ittiin argatanii fi sirna barnootaa ittiin qopheessan maali? Argamoo Muslimootaittiin

tokkichoomsaniifhawaasni Muslimaa qaroomina deebise ittiin ijaaru argachuuf dhimmoota kanneen irraa barnoonni argamu maalfa'aadha?

3. Alannoo Yeroof-BakkaaHubannoo Sunnaatiif

Usuliyyoonni akkuma dhaloota Muslimoota jalqabaa, uumama haala seenaa fi ji'oogiraafii hojiiwwaniifi jechawwan Nabiyyii, uumama namummaa muuxxannoo isaaniitiin walqabsiisuun kan qalbeeffatan turan. Kanaaf, sababoota kanneen hubachuun seerota kaa'anii jiru.

➤ Namoonni biroo yeroo gosoota hadiisaa addaa addaa dubbisan, sababoota kanneen akka hubatan gargaaruuf ogeessonni qajeelfamoota qopheessaniiruu?

➤ Yoo akkas ta'e, qajeelfamoota kanneen ibsuudhaaf tartiibni hordofamuu qabamuu fi ga'een barnoota Hadiisaa ammayyaa maali?

Beekumsi bu'uraa garaa garummaa jidduu dhimmoota xixiqqoo fiqhiin furmaatni itti kennamu, dhimmoota beekumsaa qoratan, beekaa falaasamaa fi mutakallim furmaata argatan gara tokkoon ta'umsa hawaasummaa saayintistii hawaasummaatiin gara biraatiin furmaata argatan, malawwanii fi sirnawwan sunnaa ittin hubatanii fi furmaata ittiin Kennan baay'etu barbaachisa.

Hadiisni dirree qorannoo *fiqhii* ta'ee fi dhimma xinnoo ilaalu, Hadiisa waliigala ta'umsa hawaasummaa ilaaluun gara gara ykn adda.

Hiikkaanis bifaawwan ta'umsaa saayintistoonni hawaasummaa ittiin xiinxaluuf qoratan kana herreguu qabu.

➤ Qoqqoodama ummaa yeeroo dheeraaf ture hadiisa tokko yaadawwan walfaallessan gargaaruuf sirnaan ala ittifayyadaman irraa akkamitti ofdhoorkuu dandeenna?

➤ Hordoftii makaraarsummaa jama'aan adda adda amantaa ofii keessatti hordofan akkamitti dhabamsiifana?

➤ Hundeewwan guutuu ilaalcha yaada Islaamummaa deebifnee ijaaruun agaggee deddeebi'aa kana akkamitti miliqna, keessattu amma akka sunnaa walitti qabuuniif qorannoo akkaadeemii adeemsisuuf beektota affeeruun, falmii qopheessuu fi kaayyoo kanaaf jaarmayaalee hundeessuuf ta'eeti.

Ga'ee Sunnaa Rakkoo Uummata Muslimaa Furuu Keessatti

Addunyaan Islaamummaa akka waliigalaatti keessahuu biyyootni Arabaa hanqinnoota fi jeequmsa garaa garaatiin yeroo ammaati kan dararaayaada Islamuummaa sababa ta'an

keessa jirti. Baay'eengidiraa fi Jeequmsi kun bifa adda addaatiin of ibsa, isaanis;

1. Wal qoodinsa jidduu murnoota garaa garaa uummata islaamaa keessa jiranii, argamuu miira wal diddaa beektotaa hawaasichaa, hawaasummaa fi kallattiillee siyaasaa, akkasumas guddina ilaalchaawwan garaa garaa Kan hawaasa diiguu ykn argamsa yaaddan kanaati.

2. Kufaatiyaadota hawaasaa tasgabbeessuu malanii; faca'iinsna, ofittummaa, deggersaa fi ilaalchawwan gartummaa, yaaddoowwan yeroo fuulduree fi abdiidhabeensa yeroo ammaa, fedhii dhabiinsa fi dhabiinsa fedha ka'umsa wanta dansaa fi heddumina ilaalchawwan deebii taatewwanii irratti hundaa'ani ilaalchi kun falmii fedha waldiddaa kan dhoorku.

3. Dhabamsa dammaqina kaayyoo qabu uumama haqa-qabeessa rakkoowwan hawwaasummaahawaasa muslimaa fi walqunnamtii seenaa waliin qaban.

Ka'umsa ilaalchota bilchina hin qabnee, dhiphaa fi miiraan sochii irratti hundaa'ee ilaalchawwan guutummaa, xiinxalamummaa qaban irra ooluufi qophaa'ina seenaa keessatti yerookana sammun Muslimaa sababoota dogongoraaf wanta hunda shakki tokko malee ykn qurannoo tokko malee ofitti fudhatuudha. Taateewwan kanaa fi kan biroos hedduutu jira.

❖ Eegaa, sunnaan dhimmoota hawaasa Muslimaa deebi'ee akka too'atu akkamitti hojii irra oolchinaa?

❖ Sunnaan rakkoowwan hawaasa Muslimaa sirrummaa sammuu fi qulqulina ilaalchaa rakkoowwan uummata Muslimaaf deebii amansiisaa kennuuf barbaachisaa ta’an jajjabeessuuf sunnaa akkamitti hojii irra olchinaa?

❖ Muslimoota hojiitti kakaasuuf sosochoosuuf huumnoota kuusama hawaasummaa isaanii kaayyowwan Islaamummaa hiriirsuun jiruufi abdiidii ummaafakkamitti fiduu dandeenna?

❖ Ummatni Muslimaa filannoowwan aadaa fi sagantaa hoj-maataa, hawaasummaa fi beekumsaa eenyummaa deebisee uumuu fi fedha qaroominaa fi seenaa gadi fageenya qabuu fi kabajamaa fi ol’aanaa kanaan dura qaban akka barbaadatan sunnaan akkamitti kakaasuu danda’a?

Rakkoo hiikkaa Sunnaa kan Hiikama Jecha-Jechaanii

Bara Nabiiyyichaa Muslimoonni jiraatan sunnaa kan hojiirra oolchan jireenya isaanii guyyaaguyyaadhaa keessatti bifa guutuun ture. Kana gochuunis, Qur’aana ifatti akka hubatanii fi guutuun guututtiakka beekan isaan taasiseera. Gaheen Raajiin Qur’aanaa kanaa hundaa’ina ummataan *wasaxaa* (Sabajiddu galeessa) uummata kaawwaniif raga ba’uu fi qajeelcha ta’uu isaa ifatti kan muldhateedha.

HawaasniKun gaarummaa hanqina hinqabneen kan badhaafamee fi rakkoo kamiyyuu kan fuuleffachuu fi hinjifachuu danda'udha. Akkuma yeroon dabraa adeemuun garuu , hubannoon sirrii namoonni sunnaa irratti qaban gadi-bu'aa dhufe, aadaan galmee jechaa meeshawwan hiikkaa kaawwan caalaa fudhatama argataa yeroo dhufu, namoota muraasaaf mala danda'amu kan kophaa ta'e kun hiikkaa itti dhiyeenna hedduminaan galmee-jechaa irratti hundaa'e, hiikkaa jechaan jechaa *wanta ta'eef kallattiin* kun ammoo sababa yeroofi bakkaa waan hin herregneef sababawwan haarowomsa uummata islaamaa gufachiisan jajjabeessuun jonja'uu, falmii fi waldiddaa ffiduu danda'ee jira.

WantootaKun meeshawwan Islaamummaa gara kuufama fakkiiwwan duriitti gadi-buusuun xumurri isaa hedduubu'uuraa kan hin fakkaanne akka uumamanii fi haalota hadiisa argamsiisan yeroo heddu wanta deddeebi'an se'uutti kangeese. Kun jireenya haqaa keessatti Kan hin danda'amneedha.

✓ Eegaa, ogeessonni sunnaa ammayyaa dhimmoota kanaa, haala akkamiitiin furmaata kennuu?

✓ SammuunMuslimootaa balaawwan kanneen irraa akkamitti ittisuu danda'uu?

✓ Sammuun Muslimootaa taateewwan ergaa Islaamummaa qabiyyeen ala duwwaa hambisuun ga'ee aadaa fi qaroominaa guutuu uummataa kana miidhaa jiran irraa akkamitti baraarfamuu danda'a?

Namoonni akkanaa Islaamummaa gara wanta dhuunfaa fi dhimma amalaatti gadi-xiqqeessanii, muldhinna fi daangaa wabummaa isaa gara yaadawwan gadi-fageenya hinqabnee fi qubeewwan amantii hordiffii qofatti gadi-xiqqeessan. Haali akkasii argama uummata dhugaadhaa Islaamummaa qabuuf, tokkummaa ummataatii fi ijaarama qaroominaatiif mijaawaa miti.

Gahee Sunnaan Addunyaa Islaama Haarawoomsuuf Qabu

Shakkii tokkoon maleeummanni keenya har'aan tana gara hawaasa jiraanya giddu galeessa ta'eetti deebu'u waan barbaaduuf, haarawoomsa isaatiif karoora hunda hammata is barbaachisa. Hawaasonni muslimootaa haal-dureewwan barbaachisan Kan hinguunne yoo ta'an kuni mirkanaa'u hindanda'u.haal-dureewwan kana keessaa kan jalqabaa haaroooomsa islaamummaa, hundeeffama akeeka beekumsaa fiaadaati.

Hawaasni Muslimaa har'aan tana aadawwan lama irratti bu'uureffamuu qaba. Aadaa dhaale Kanamaloota Bara seena kaleessaa qabuu fi naannoo keessatti uumamee fi aadaa ambaa alaa galfame. Sammuun muslimootaa aadawwan lamaan kana irratti si'aawaadha miti. Oomishawwan isaaniitti fayyadamu fi gumaacha hundee kanofii isaanii uumuu dadhabutti ga'aniiru. Kaayyolee fi karaawwan Jijjiirama hawaasaa haala jireenya islaamummaa waliin walqabsiisuun huumnoota

addunyaamuslimootaa sosochuusuuftan gargaaruu fi fooyyeffama aadaa fi beekumsaa hawaasichaa barbaadu kan argamsiisu fi ummaan itti gaafatama kan baachuuf gateetti kan jabeessuudha.

Jeequmsayaada islaamummaa yeroo ammaa kana keessa ba'uu fi dammaqina fi humna rakkoowwan amma nudhaqqabaajiran ofirraa ittisuu, kabajaaf sadarkaa aadaa fi beekumsa hawaasa Muslimaa yeroo dheeraa turan deebisuuf bu'uurota islaamaa Qur'aanaa fi sunnaa kan hingeddaramne deebinee ilaaluu qabna. Akkasumas, gadi fageenyaan barachuu, ilaalcha islaamummaa yeroo waliin deemu qorachuu qabna.

Ilaalchi akkanaa qulqullinaa Kan arguu fi sababawwan dhiibbaa uumu danda'anii fi rogoota mara Kan hubachuu danda'u ta'uu qaba. Kaayyoolee fi qajeelfamootabu'uraa Kan ibsu fimala fedhiwwan dhiibbaa uuman ittiin fuuleffachuun danda'amu uumuu fi wantoota uumaan irratti hundaa'u deebisee kan ijaaru danda'u ta'uu qaba.

Qur'aanni abboota keenna duriitiif, sirna beekumsaa ka'umsa biyyootaa ittiin hubatan, hiikanii fi ittiin xiinxalan baay'a gaarii kenneefi jira. Sirni kun kan abbootiin keenya kan durii seerawwan qaroomina ittiin argatanii fi ittiin kufan kan ilaalaniidha. Dhugaawwan gadi-fageenyaan walabummaan xiinxaluuf kan isaan gargaaru itti dhiyeenna sababa-qabeessa

abjuuwwanii osoo hinta'in, osoo hin jijjiiramin morkii malee haqootaaf furmaata kenne.

Mala wantoota humna qaban seenaa, muudama hawaasota keessaa ibsan, akkamii fi maaliif akka itti uumaman kan ibsu, taatewwan akkamitti akka hiikkaman, barnootni akkamitti akka irraa baratamuu qabu fi agarsiisawwan yeroo fuulduraa muldhisani akkamitti akka argamsiisuu akka danda'an fi duraan dursa taatewwan osoo hin argamin kaeroorsuun furmaata hojiitti hiikuu nama dandeessisuudha.

Guduunfaa

Sunnaan Nabiyyii, jireenya isaanii akkasumas waahiloota isaanii kaayyoo fi fakkeenyahoj-maataafi sirna beekumsaati. Jeequmsa beekumsaa guddaadhaaf furmaanni kennamuu kan danda’u yaadni islaamummaa yeroo ammaa Qur’aana haala sirna qabuun, sammuu sirna qalbi-qabeessa wantoota yeroo ammaa barbaachisaniin walqunnamtii kan qabu sirna guutuu jiruuwwan ilma namaa uumama kaan waliin gamteessuu fi qajeelchuu kan danda’u yoota’e qofa.

Haala walfakkaatuun, dubbifamni sunnaa sirna qabu fi kaayyoowwan hoj-maatni ergaa Nabiyyichaa akkasumas, jiruuwwan uummataa keessatti ifaatii haqaa Taasisuun isaanii dukkana wallaalummaa, jibbaa, waldiddaa fi baraaxina hawaasa keenya keessa jiru kan dhabamsiisuudha. Yoo kana qofa muslimoonni yeroo ammaa fi Bara ittiin jiraatan, laamshayummaa ofii ofitii ofirraan gahan kan hinjifatan, rakkoolee beekumsaa fi aadaa ilmoo namaa kan ammayyaa dhiiraafi dubartiikeessaan ilaaluun namummaaf qajeelfama dhugaa nagenyaa fi fayyummaa hubannoo barnoota sirrii fi waan hunda qabate kennuu kan danda’an.

Hubannoon akkanaa seerota hin geeddaranne fi seerota madaqaman addaan beekuu Kan danada’uu fi ardii Keessatti kaayyoowwanii fi akkaata bakka-bu’umsa ilmaan namaa Rabbif ta’e sirritti agaarsiisuu Kan danda’u ta’uu qaba.

QUR'AANAA FI SAAYINSII AMMAYYAA

Xiinxala /Qu'annoowwan Tooftaawwanii

Dr. Imaad al Diin Khaliil

Namoonni Qur'aana sirnaan dubbisaniif ilaalcha Qur'aanni saayinsiif qabu dhugaan hubachuuf yaalii godhan, aayaatotagosoota saayinsii addaa addaa ibsan baay'ee argachuu danda'an. Aayaatonni kun ramaddiiwwan beekumsa saayinsii afur waliin kan walqabatniifi ramaddii afuritti kan qoodamaniidha.

Ramaddiin jalqabaa dhimmoota dhugummaa (haqa)saayinsii,daangaa fi kaayyoowwan,falaasama saayinsii jedhanii beekaman waliin kan walqabatani lammaffaan, mala ykn tooftaa dhugaawwan saayinsii ittiin argaman kan ilaalani.Sadaffaan, seerawwan dirreewwan saayinsii keessatti hojii irra oolani,keessattuu saayinsiiwwan uumamaa waliin kan walqabatani .Afraffaan seerawwan tooftaa qormaataatiin argaman namootaan hojiirra ooluudha.

Kun dhalli namaa, akka bakka bu'oota Rabbi ardii irraatitti, dandeettii fi humna ergamaa jireenya ilma namaa misoomsuu fi fooyyessu waan qabaniif.kunniin saayinsiiwwan qabatamaa jedhamu.Ramaddiiwwan kanneen jidduu qunnamtiin baay'ee walitti dhihaatan akka jiru shakkiin hinjiru. Falaasamnisaayinsii kaayyoowwan saayinsii xiinxala. Tooftaan

akkaataa hoj-maatni dhugaawwan saayinsii ittiin argaman dhiyeessa.

Kunis, sunanootaa fi seerawwan ardii fi samiin, addunyaa fi jiruun, yeeroo keessatti sochiiwwan isaanii ittiin gamteessani seerotaaf sirnoonni kunniin Akka namoonni caasaa dinqisiisaa uumamaa akka sakattaa'an foormulaawwan dandeessisanakka kennanii fi.

Haala kanaan, seerotaa fi sirnootni kunniin daaniiwwan namoonni haaromsaa fi nageenya namummaatiif fayyadan, meeshaa jireenya hojii ulfaataa ardii tanaa guyyaan guyyaa irraa ofwalaboomsanii fi fedhiwwan amanti (Kan afuuraa) uumaman kanneeniin adda isaan godhu caalatti kan ittiin guutataniidha. Akkan bakka bu'ummaa isaaniitti dirqamoota isaan irraa eegaman caalatti akka raawwatan, ga'ee, qaroominaa fi nageenya addunyaa milkaa'essuu akka danda'aniifi.

Qur'aanni akka kitaaba saayinsii ykn akka kitaaba barnootaa biraatti akka hinbu'in waan beekamaadha. Beektonni ammayyaa gariin jechoota fi hiikkaawwan saayinsaawaa barreffama Qur'aanaatiin hinyaadaminitti walitti hidhu. Karaa biroon immoo xiinxaltoonni gariin immoo kanaaf deebii kennuuf faallaa kanaatti fagaatanii argamu. Qur'aanni dhugaa ykn qabatama saayinsii waliin qunnamtii akka hinqabne jabeessanii falmu. Gara biraatiin wanti hinwaakkatamne, Qur'aanni yeroo ergaa saayinsaa'aa ibsu, ramaddiiwwan eeraman afran haala hinmariisifneen kan ibsu ta'uu isaati.

Odeeffannoon Qur'aanaatii fi saayinsii haala waliigalanii fi naannawa sadhaatawummaa fi wantoota jijjiiramaniin ala walfakkaachu akkaqaban ifa-galaadha. Wal diddaawwaniifi ittisoowwan jidduu jaraa akka jiraachuu hin qabnes beekamaa dha. Hundaa ol, hundinuu madda walfakkaataa Rabbi, uumaahawaa fi seerawwaniifi sirnawwan addunyaa muldhatu irraa kan argamani. Kana caalattis, sanyiin namaa adeemsa sirneeffama-seeraatii fi Bu'iinsa Qur'aanaa keessaatti, akkasumas, akka harka Rabbif jecha qaroomina ijaaruuf yaalii godhuutti dandeettii ardii irratti bakka-bu'ummaa Rabbi ta'uun garee dhimmamaa dha.

Qur'aanni uumamaan, qunnamtii ergaa Qur'aanaa fi seerawwan addunyaa muldhatuu jidduu jiru jabeessee jira. Sanyiin namaa addunyaa hubachuuf seerota fi sirnoota addunyaa irra ga'uun yoo hinjaalqabin gahee ardii irratti daangaa barnoota Qur'aanaa keessatti hojjachuu qaban beekuu akkamitti danda'an.

Asirratti saayinsii ammayyaa dhugaa amantaa fudhatama hindhabsiifne ykn hin shakkisiifne ibsuu qabna. Akkasuma jaarrota dabran keessa mirkanaa'ee. Mata-duree wanta muldhatuu baay'ee caalu irratti saayinsiin jecha xumuraa akka hinkennine fudhatama kenna. Haala kanaan, daangaa murtaa'aa keessatti-lubbuun ilma namaa wantoota daangaawwan qaamanamummaa fi sochi'iinsa bira dabranii jiran irraa mulqinaan hiikkaa kan hinqabne.

Yeroo ammaa, saayinsiin haala amantaan waliigalteen hojjetutti deebi'ee jira. Kun warraaqsa ol'aanaa falaasama saayinsiitiin argame. Kunis, akka taatee argannoowwanii, keessattuu taatee saayinsiiwwan uumamaatiif nuukleera, akkasumas hubannoo uummani akkaataa sammuun namaa ittiin hojjatu keessatti kan argame. Karaa kanaan qorannoon "ittisa meeshummaa" cabsuun rogaawwan amantaa dhaabaa fi uumama addunyaa qabatamaa kanaaf sababaa ta'an ibsuu danda'ee jira. Kunis atoomii sakattaa'uun Kan irra ga'ame. Assitti saayinsii fi amantaan haala haaraan fakkeenya adda addaatiin walsimatan.

➤ Eegaa qunnamtii haalawwan afran saayinsii fi odeeffannoo Qur'aana keessa jiru osoo mildhannee maal argannaa?

1. Falaasama Saayinsii, Kaayyoowwaniif Bu'uraalee Islaamummaa

Xiyyeeffannoon Falaasama saayinsii kaayyolee saayinsiin milkeessuu fedhu qorachuu fi xiinxaluun qunnamtii isaanii jalqabatti, yaaliiwwan qaroomina ummataa waliin qabu lammatatti, mul'atauuma, jireenyaa fi addunyaa isaan keessatti argamaniidha.

Qorannoon saayinsaawaa fi sirni qorannoon ittiin adeemsifamu qananiwwan ykn dhimmoota sadarkaa lammaffaatti ilaalaman osoo hinta'in, wantoota jireenya

Islaamummaaf baay'ee barbaachisaniidha. Sababni isaas sochiiwwan hawaasaatiin, uumama ergama ardii irraatii fi amantaawwan waa'ee hawaa tanaa, jireenyaa, addunyaa fi sanyii ilma namaatiin walkan qabataniidha.

Asirratti, seerota bu'uraa jireenya Islaamummaa fi ilaalcha addunyaa itti fayyadama tooftaawwan saayinsaawaa too'atan, seerawwaniifi tooftaawwaan dhugaa saayinsaawaa hundeeffamaniin mul'ataniif, akkaataa ittiin hojirra oolanmuraasa eeruun Kan fayyaduudha. Dhiyeessi akkanaa, qajeelfamoota kanneen jabeessutti wantoota ilaalcha Islaamummaa addunyaa cimsuuf, caalatti qabatamaan addunyaa qabatamaa walqabsiisuu fi gumaacha si'aawaa qaroominaaf akka laatan taasisuuf ga'ee ol' aanaa taphatu. Hubannoo keennatti, qajeelfamoonni sochii saayinsaawaa barbaadan kan bu'uraa afurtu jira.

A/ Istikhlaaf ykn khilaafaa (Bakka Buusuu)

Raawwiin ilmaan namaa ittigaafatama Rabbi (amaanaa) khilaafummaa ykn bakka bu'ummaa Rabbi, ardii iratti kan akeeku.

Qajeelfamni khilaafaa Qur'aanaa fi sunnaa keessatti ibsame qajalfamoota saayinsiin deggeruu fi akka dhugooman barbaadu keessaa isa tokko. Muslimtoonni ardii irratti bakka-bu'oota *ykn khulafaarabbii* wanti ta'aniif akka ardii misoomsaniif, qaroomina ittifidaniif, rakkoowwan isii

fuulleffataniif, haalawwan rakkinna irraa bilisa ta’an akka uuman, jireenya milkaa’ee ol’aanaa ta’aniif caalatti akkahaala mijeessaniifi. Kana jechuun gara uumaa hawwuudha.

Namoonni sunana sakatta’uudhaaf tooftaawwan qorannoo saayinsaawaa yoo hinfayyadamin, hojii akka bakka bu’aawwaniitti hojjachuu ykn wabiiwwan ga’aa fi gargaarsa kaayyoowwan fooyyeffama itti fufiinsa akka ga’an isaan taasisan mirkaneeffachuu hin danda’an. Kuusawwan humna isaanii “suuqachuu” kan danda’aniif ofii isaaniitii fi naannawa isaanii waliin waliigaltee caalaa milkaassuu kan danda’an yookana qofa.

Kanaan ala, qajeelfamni *Khilaafaa* (mootummummaa) yaad-diddeessa ykn seeraamantaa bakka duwwaatti hojjatu kan hin caalle ta’a.

B) Tawaazun (Madaala)

Tawaazuunni ykn madaalliin fedhiwwan amantaa fi maateeriyaa ilma namaa jiddu jiru, seerawwan bu’uraa jireenyaa fi yaada islaamummaa keessaa tokko dhimma Qur’aanaa fi Sunnaa keessatti hidda gadi fageeffataa san eessatti akka argannu haalawwaniif bifawwan heddu kan gaafatu. Bakka kana keessatti dhugaawwan yeroo dheeraaf dagataman keessaa ol’aantummaan ifaan muldhatan Rabbiin ardii haala ga’ee isaaniitiin ilma namaati to’annaa jala galchuu isaati.

Rabbin ilma namaa haala addaatiin uumee ardii nama to'achiisee akka fedhiiwwan isaanii keessa argatan taasisuun Islaamummaan barsiisu garaa garummaa Kan amantaatii fi kan Biroos adda akka ta'e amantaawwan waaqaa bu'an kanneeniin labsamu waldiddaa ifa-ta'etu jira. Ilaalcha akkanaa islaamummaan guutuun guututti ni Kuffisa.

Haala kanaani gara amantaa boodarra eerame kanaatti maqfamani. Taateen kanaan fedhiiwwan ilma namaa uumamni namaa fedhuu fi bu'aawwan ardii fayyadama ilma namaatiin too'ataman jidduu ittisoowwan kan ijaaraman.

Dhugumatti madaallii sirna-qabeessauumama roga lamaan namaa jidduu madaalu yoo hinjiraanne, jireenyi islaamummaa heddu jiraachuu hindanda'u. Kaayyoon Islaamummaa daangaa haqaa keessatti hojjechuu fi nama uumama madaalamaa qabu kan hojii fi sochii danda'u uumuudha. Nama muddama, maqsama ykn cunqursa irraa bilisa ta'e uumuudha. Ta'us, ilaalchi madaalamaa kun kan yaanni ykn amantaa addunyaa keessa jiru sadarkaa hundoominaatii fi murannoo walfakkaataan kan hin fudhanne bakka tooftawwan dhugaawwanii fi hojiirra oolmaa saayinsawaan hinjirretti hojiirra oolchuun hindanda'amu.

C) Taskiir (Tajaajilummaa)

Kunamala bu'uraa mula'ata Islaamummaa ardii fi samii fi jireenya namaati. Asittis shakkii malee osoo mula'anni kun

dhugaa hinta'in, dandeettiwwan isaa osoo hin dhugoomsin dura saayinsiin barbaachisaa dha. Akka Ilaalcha Islaamummatti uumamaa fi hawaan dhala namaa kan tajaajilaniidha. Rabbiin seerota, sirnoota fi dandeettiwwan bakka bu'ummaa namaa, ardii irra waliin haala mijaa'uttii fi haala dandeetii isaanii uumama waliin bu'a qabeessummaan akka wal irratti dhiibbaa hin uumnetti kan kaa'amaniidha.

Walqunnamtii kana waliin kaayyoon Islaamummaa sirni "karaa jiddu-galeessaa" akka uumamu yaada dhiyeessuudha. Uumamni tajaajila fedhiwwan ilmaan namaatti kan to'atame ta'uu, qajeelfama kana namaaf odeessuudha. Yeroo walfakkaatutti garuu, ulaagaa hundeeffama gatiiwwan, seerotaa fi waliigalteewwan walqunnamtii kallattiiwwan lameen uumama ilma namaa keessatti adeemuu qabu lafa kaa'ee jira. Kunis, kan sororfaman ykn wixinaman argannoowwan sadarkaa baay'ee ol'aanaa argamsiisuufi qulqullina qaroominaa fedhiwwan dhala namaa ol'aanaa, naamusaa fi kabajama ardii fi samii wajjiin wal siman barsiisuudhaafi.

Hawaasni Islaamaa kamiyyuu yoo dandeetii saayinsii, tooftaawwan, dhugaafi hojirra oolmaa saayinsiitti hin fayyadamin qajeelfama tajaajilummaadhaa kan hojiitti hiikuu fi gara dhugaa seena qabeessaatti jijjiiruu hin danda'u.

D) Michooma (walitti dhufeenya) Jidduu uumamaa fi uumaa

Xumura irratti, ittii fayyadamni saayinsii qajeelfamoota fi ilaalchota Islaamummaa addunyaa kan bifa adda ta'een fiixaan baasuu fi akka wali galaatti amantiiwwaniif barbaachisaadha. Kunis sirna dinqisiisaa uumamaa fi jiraachuuuumaajidduu walqabsiisa. Saayinsiinimeeshaa hariiroo kana addeessuudha.

Namni baay'een wa'ee raajii uumamaa barreessanii jiran. Saayintistoonnii fi beektonni heddu wanta seenaa saayinsii keessatti dhugaa hin hin faalleffamne irra ga'uuf jireenya isaanii jiraataniif keessa tokko; uumamni uumaa qabaachuu qaba Kan jedhu mirkaneessuudhaafi. Dhimmi kun duuchamattifurmaata argatee jira, gaaffiin ta'ee, carraan gaaffiidhaa hafe hinjiru.

Sababa uumamni gurmaa'aniin, haala dogongora hin qabneen, sochii walta'iinsaatii fi qunnamtii wali irratti hundaa'aniin sila ijaarameef, kunis fedhii seera uumamaatii olii, guututti humna qabeessaa fi kan ajaju irraa maddu qaba.

Kanaafuu, Qorannoon saayinsaawaa, hanga hojii iccitiwwan ardiidhaafi samii, addunyaa fi jiruu sakatta'a isaa waangaggeessuf, jireenya islaamummaatiif barbaachisaadha. Caalatti, gara uumaa addunyaa tanaatti kan nama eemaru fi deebisu, akkasuma haaluma gabbartii gaggeessuutiinillee wal gitiinsa qaba.

2. Tooftaa

As keessaatti, Qur'aanni maloota argannoowwan haaraafi seerota hawaaykn uumaa hubachiisuudha. Tooftaan

Kun jijjiiramaa, kan waan mara ofkeessatti qabatee fi jijjiiramoota bara baraa fi bakkatiin kanhin to'atamneedha. Sababni isaas, mala ykn meeshaa qoranno fi sakatta'iinsa jabaa waan ta'eefi.

Kanaaf, jijjiirama sadhaatawa bira kan dabruu bara maraa fi bakka maratti gatii kan qabu. Qur'aanni akka namoonni haqa jireenya isaanii keessa ilaalan bakka uumama keessatti qaban akka hubatan hubachiisa. Kana gochuuf, ardii irra dhaabatan irraa miirota isaanii fayyadamuun naannoo isaanii irraa hanga daangaa qalbii, ardii fi samii akka qalbeeffataniif isaan affeera.

✓ Ilaalchi gaariin Maaltu dhala Namaqarqara (fiixee) imaanaa ol'aanaatti geessa?

Qur'aanni tarkaanfiiwwan muslimoonni dirree qorannoo, xiinxalaa, beekumsaa fi muxannoo keessatti fudhatan tokko tokkoof miirawwan bu'uraa ittigaafatamaa ramadee jira.

Qur'aanni tarkaanfii tokko fuul-dura deemuun ilma namaa odeeffannoo daangaa hinqabne miirota isaanii mara fayyadamuun fudhachuu akka qaban itti-himee jira. Humni miirawwan isaanii kun Dhugaa tokkichummaa seerawwan ardii fi samii duuba jiru irra akka ga'an odeeffannoo kanneen akka galmeessan, adda baasan, fudhatan ykn dhiisan hubachiisa.

Qalbii fi miirotni gamtaadhaan sakattaa'aaf, qu'annoof, sababeessa dhugaa irratti hundaa'eefi murtii-kennuuratti ittigaafatamoodha.

Ilmi namaa kan qormaataman ittigaafatama kana irratti hundaa'aniiti. Sababni, uumama lubbu-qabeessa kaaniin baay'ee adda waan ta'aniifi. Gamtaadhaan dhageetii, ilaalchaa fi wanta keessaa onneeti dhaga'amu (*Al-fu'aad*) jireenya ilmee namaatii gatii fi jireenya fi addata'ummaa akka kennaniif ayaatonni Qur'aanaa deddeebisanii ibsan hedduu jira. Namoonni humnoota kanneen osoo haalaan si'eessanii, guutumatti itti fayyadamanii fiixee ol'aanaa saayinsii fi amantaa irra ga'uuni ni danda'u;ol hiiqinsi akkasii kun akka isaan dursitootaaddunyaa tahan waangodhuuf sadarkaa bakka bu'umsa Rabbi ardii irra ta'uu isaanii kan dhugoomsuudha..

Gara biraatiin humnootni kanneen kan qabbaneessan taanaan sadarkaa gadi'aanaa ofiif filatan jechuudha. Sadarkaa Rabbin dura isaanii hin murteessin jechuu keenya.Rabbiin ilma namatii dhageettii, ilaaluu, fi dhaga'uuqalbii ykn onnee keessa kenneefi namoonni ofii sadarkaa ofii gadi-aansuun gadhummaadha.

Ilmi namaa qalbii isaanii akka si'eessan kan gorsan ayaatota qur'aana biraa shantamaa oltu jira. Qalbiin (dandeettiin sammuu) daangaa amantaa Rabbi Keessa seenuu akka danda'an furtuu Rabbiin kennameefi ayaatoonni dabalataa akka ilmi namaa taateewwan addunyaa keessa isaan naannawwan jiraatan irratti akka gadi-fageenyaan hubannoodhaaniif itti gaafatamummaan murteessan affeera.

Wanti fedhellee yoo dubbatamu waay'ee xiixalaa irratti hundi beekumsa argachuufi hojiirra oolamaan isaa. Beekumsa argachuun akka namoonni naannawa isaanii irratti dammaqina kennuun Rogawwan namummaa fi qunnamtii ardii fi samii waliin qaban irratti hubannaa gadifagaa taa laataaf Hubannoowwan isaanii yeroo mara qaruuudhan haala ittigaafatamummaa qabuun qophaa`ina dhimmoota taateewwan ykn rakkoowwan isaan mudatuu danda`an akka injifachuu danda`an gonfaciisa.

Qur`aanni maloota namni tokko sinina walfaana qabuun madaalliinifi qorannoo odeeffannoo alaa irratti waliigalameen gargaaramuun akkasumas jajjabina beekumsaa fi humnota amansiisaa namoonni dirree kana keessa jiran morkii caalan ragaan, falmii fi haasawa qalbii-qabeessan bu`aawwan gatii qaban irra ga`uuf hordofuu qaban jabeessee ibsa.

Qur`aanni jecha beekumsa saayinsiitti kan dhimma bahu yoo tahu kan wantoota itti`aananii tarreeffaman kanneen ibsuu fayyadamuun baay'ee barbaachisaadha:

(a) Diinii Rabbiin ergamtoota Isaa barsiifate,

(b) Sunanoota Rabbiin waqni walta`iinsaan akka hojjetu ittin taasise, fi

(c) Dhugaawwan ol'aanaa ayaatota Qur`aana keessatti qabataman. Ilmiin mallattoo bu`aawwan amantoota goofta irraa bu`anittis mul`atani,

Kanaaf *Ilmii Fi Diiniin* afaan Qur'aana keessatti hiikkaawwan walfakkaatan biraa kan qabani. Jechootarabbi Kan nubarsiisan dhugaa kanaa fi miirawwan walqabatan Inni ilmii fi diiniin akka nuudabarsu hawwu kan baldhinnaan nu hubachiisani. Kun hiikkaawwan ilaalchawwaniif jabinaa irraa argamaniin kan walhinsimne. Hiikni akkanaa jecha beekumsa irraa argaman ayaatota 150 ol keessatti argaman.

Qur'aanni taaateewwan qabatamaa fi falaasama jireenya dhugaa beekumsaa qorachuu keessati malli guutuun guututti saayinsaawaa akka barbaachisuu jabeessee ibsa. Wanta itti dhiyeenna kana irratti dhiibbaa ol'aanaa qabu wantoota akka: jibbiinsa, ilaalchawwan odeeffannoo irratti hin hundaa`in waabeekumsa fi amantaawwan wantoota fafakkaatanii ramaddiidhaan akka balaaleffatamu labse jira. Taateewwan saayinsaawaa hinta`in akkanaa kunniin bifoote karaa dhugaa *diinii* ilmaan namaa hordofuu qaban irra kan nama maqsani karaa namni kaayyoowwan Rabbii, xurree qajeelaa irraa nama jallisaniidha. Akkuma hundi keenya beeknu, xurreen qajeeltuun tuqaawwan lamaan jiddutti dheerinna hunda caalaa gabaabduu dha.

Kanaafuu, xurree tana irraa maquun dheerinna karaa adeemamuu fi rakkina hedduumeessa. Imaltoonni kaayyoowwan isaanii akka galmaan hingeenne isaan hanqisuutu mala. Qur'aanni deddeebisee dhugaa ifaaibseen jibba keessaa wanti argamuu danda`u, gatiidhabummaa fi jaamummaa akka

ta`eefi filannoon haqaallee dogongora qofa akka ta`u jabeesee ejjannoon hubachiisa.

3. Dhugaawwan

Rogni sadaffaan Qur'aanaan dhiyeeffame dhugaawwanii fi sirnoota dirreewwan saayinsii addaa addaa baay'ee kan of keessatti qabatu. Saayinsiiwwan kunniinis; Astroonoomii, Ji'oograafii, Bootanii, Baayolajii Fi Fiziyooolajii namummaati. Gara kanaan beektonni ammayyaa ykn hiiktonni baay'een ijannoo lamaan walvidan keessaa tokko kan fudhatani. Ijjannoon jalqabaa, *ayaatota* Qur'aanaa *fassaruu* (hiikuuf) guutuun guututti fayyadama odeeffannoo saayinsii amayyaa irratti amantii kan qabu.

Kun dogongoroota tooftaalee kan argamsiisu, odeeffannoon gartokkee kan *hukmii* (murtii) guutuu kennu, odeeffannoon jijjiiramaan hukmii hinjijjiiramne argamsiisuuf kan oolu. Odeeffannoon sadhaatawaan, hukmii amansiisaa kennuuf fayyadu. Dadhabinni mala dhahiinsa kanaa yeroo odeeffannoon gar-tokkee fi sadhaatawaan kunniin jijjiiraman saayinsii kun akka saayintistoonni ofii isaaniitii mirkaneessanitti -kun fedhii uumaati miti kan isaanti -ergasii deeggeraan ejjannoo kanaa gadda sammuu kan mudatu ta'a.

Carraa akanaa jalaa miliquuf yaalii godhamuun, ejjannoon lammaffaanis odeeffannoo saayinsaawaa fudhatama waan dhabsiisuf kan yaada dogongoraa keessatti kan kufu.

Ilaalchi hunda irra tooftaa sirrii ta'etti kalaa'u, ejjannoo *jiddu-galeessawaa* jireenya keenna hunda keessatti akka hojiirra oolchuu qabnu, Qur'aanni nubarsiisuudha. Guutummaatti ofii keenna saayinsii fi odeeffannoo jijjiirama qabuuf of abdachiisuu hinqabu. Akkasumas hiikka saayinsiin fi ga'ee inni taphatu mara isaas fudhatama dhabsiiuu hinqabu.

Hiiktonni Qur'aanaa dandeettii fi muuxannoowwan qaban fayyadamanii toora qu'annoo isaaniitiin walitti dhufeenya rogoota duraan laalle akka hubannuuffi wal madaalsisuuf, aayaa Qur'aanaa fi qorannoo saayinsaawaa jiddu jiru hubachuuf dirree ogummaa isaanii keessatti beekumsaa fi muxannoo qaban fayyadamuu qabu. Dabalataanis, qur'aana hiikuu ilalchisee beektonni mala ammayyaatti fayyadamuun hiika qur'aanaa haala ifa ta'een hawaasaaf dhiheessuu qabu.

Kallattiiwwan kunniin hubannoo hiikkaa fi qabiyyee jechoota ogummaa Qur'aanaa fi fakkii kan fayyadamani. Malli kunal *tafsiiral bayaani li al Qur'aan* jedhamuun beekama. Tooftaan kun wabiiwwan ofdanda'an hiiktota raajeffama ykn dogongora yaaliiwwan hiikkaa jechootaa fi gaalewwan yaadamanii argacuuf godhan irraa kan ittisu madaalliin ogummaa saayinsaawaa fi al tafsii al bayaani kun akka hiiktonni gara hiikkaawan saayinsaawaa aayaata Qur'aana keessa jiran hiikkaa yaadamanii ibsan isaan dandeessisa.

Dhugaawwan saayinsii seerota murtii dhuma ta'uudhaan hinfalmisiifne, dhugaawwan ofiin mul'atantu jira: fakkeenyaaf,

rooba argamsiisuuf ga’ee bubbeewwanii, sirna sochiiwwan aduu keessatti ga’ee harkisa guula lafaa, sadarkaawwan anaatoomii miciree ykn jijjiiramawwan reeshoowwan gaasii akkama fageenyi ardii irraa dabaluumni dabala ykn hir’ata kan jedhu. Kanaan alattis, dhugaawwan saayinsii yeroo Qur’aanni bu’utti uumama isaanii Araboonni hinbeeyne baay’etu jira. Hikkaan aayaata Qur’aanaa dhugaawwan kana dhugoomsan jaarrotadhihoodhaa as kan abdatan dhugaawwan saayinsii ofiin mu’latan irratti Akkanutti, akkaataawwan raajeffama Qur’aan keessaa tokko ibsanii jiru.

Dhugaawwan saayinsaawaa bifa haqaa tokkoo ol tamsaasantu jira. Ta’us, haallan kunniin hundi caasaa takko, Kan jijjiiramuu keessa kan jirani yeroo tokko tokko qorqortii-ayaatota Qur’aanaa kaawwan waliin wabeessuun faaydaa ayaata biraa caasaa raajessiisa samiiwwan walitti qabamaniiniif diigama irraa sirnaan ittisamaniin mirkaneessu hubachuuf kan fayyadu.

Haata’u malee yaad-diddaawwan sirritti qindeeffaman hanga ammaa sadarkaawwan haasaa fi madaalamuu irra jiran-akkaataa seerawwan “mirkaneeffamanii” fi dhugaawwan mul’atanii hanga ammaa hinhundooffamne, of’eeggannoo ol’aanaan badadamanii roga aayaa kennamee kamiyyuu irratti ifa akka muldhisin akka hojirra hin oolle gochuu barbaada. Odeeffannoo saayinsaawaa yeroo mara jijjiiraman ilaalchisuun

of-eeggannoon itti fufuunsa qabuun dogongoroota kanneen irraa baraaruuun barbaachisaa dha; isaanis;

a. hiikkaa saayinsaawwaa guutuun guututti fudhachuu fi

b. Hiika saayinsaawaa guutuun guututti kuffisuu.

Ragaawwaan saayinsawaa ta'an-kanneen dhalli namaa rabbitti amananiif mirkaneessa ta'uu dandahan badhaadhinaan qur'aana keessatti argamu. As irratti wanti eeruun barbaachisu wanti dhimma saayinsii irratti qur'aana keessatti kaa'ame hundi raajii dhaloota egereeti ykn immoo gaafa wahyiin bu'aa turetti beekamoodha jechuu miti.

Aayaata/keeyyatoonni akaakuu lamatu jira. Gosti tokko kan odeeffannoo tamsaasuu fi gara caalmaa uumama Rabbi ardiidhaa fi samii addunyaa fi jireenya kan xiyyeeffannaa kan qajeelchu. Gosti kun kan dhiyeessu dhugaawwanii fi taateewwan yeroo Qur'aanni bu'us bara biraa kamiyyuu keessati kan sirritti beekamniidha.

Akaakuun biroo immoo agarsiistota dhugaawwan saayinsaawaa tooftaawwanii fi sunanoota bara qur'aanni bu'u hin beekamne muldhisan kan ofkeessatti qabataniidha. Dhugaawwan tooftaawwanii fi sunanoonni KunKan saayinsiin Bara keessati yeroo yeroon irra ga'e. Gosti kuun kan yeroo baay'ee raajii saayinsaawaa jedhamee yaamamuufi uumama dinqisiisaa qur'aanaati.

Qur'aanni kitaaba barnootaa saayinsiiwaan hinta'iniif dhugaawwan saayinsii hunda akka hinqabnes hubatamuu qaba. Ta'ullee dhugaawwan saayinsaawaa garii kan ibsuu fi kan dhugaawwan heddu biraattis kan akeekuudha. Qarattootaaf qileensa baramaa yaadqalbii kan uumu. Akkasuma namoonni ofii isaaniitii walabummaan dhugaawwan caalan akka argatan kan taasisu. Garuu, namni tokko argannoowwan kanneen hordofuu kan danda'u amantaa, amantii fi aarsaa kafaluun akka ta'e Qur'aanni hubachiisee jira.

4. Hoj-Maata Ykn Hojiirra Oolmaa

Yooroga afraffaa xinxillaa keessa galchinu; Namnitokko akkaataa walitti dhufeenya Qur'aanaa fi saayinsii jidduu jiru afraffaa hubate jireenya fooyyesuu fi qulqullina qaroominaa sadarkaa mara irratti olkaasuuf dhugaawwan saayinsii fi argannoowwanitti fayyadamuun barbaachisaa akkata'e Qur'aanni akka gorsu ni hubata.

Kun Ijjannoo baldhaa jijjiiramaa fi amanamaa namonni odeeffannoo saayinsaawwa bakkaafi yeroo kamiyyuu jiru fayyadamuu fi namoonni qaroomina bara itti jiraatanii keessatti hojjimmaatessuu akka qaban waamicha dhiyeessu.

Kun taanaanii fi dhugaawwan saayinsaawaa beekamanii fi haala qaroominaa keessatti fooyyeen jiraannaan Qur'aanni dhaloota hundaanuu barbaadamuu kan danda'amu ta'ee muldhachuu fi dhaloota hundaa dhugaawwanii fi haalawwan

haaraa kanneen irratti bu'uuraalee akka fooyyeffama fidan kakaasuu danda'a.

Ta'us, namni roga qunnamtii qur'aanaa fi saayinsii afraffaa kana ilaale, qur'aanni ittifufiinsaa fi haaldurummaa malee sabni *mu'imintoota* (amantootaa) dhugaawwan argamoowwanii fi foormulaawwan saayinsii caalatti akka fayyadaman waamicha akka dhiyeessu hubata. Sila Qur'aanni Muslimtoonni diinota isaanii ofirraa akka ittisanuuf humna gahaa fi qophe gahaa itti godhan, ga'ee ardii irratti isaan qaban waamicha hin goone (Qur'aana 6:80)? Waamichi kun ilaalcha baldhaa jijjiiramaa yeroo fi bakka hundattihojiirra ooluu danda'u kan hatattamummaa fi hundummaa waliin kan har'ammaafi ittifufiinsa qabu hincalaqqiisuu?

Boqonnaan Qur'aanaa

وَأَنْزَلْنَا الْحَدِيدَ فِيهِ بَأْسٌ شَدِيدٌ وَمَنْفَعٌ لِلنَّاسِ وَلِيَعْلَمَ اللَّهُ مَن يَنْصُرُهُ وَرُسُلَهُ بِالْغَيْبِ إِنَّ اللَّهَ قَوِيٌّ

عَزِيزٌ ﴿٢٥﴾ الْحَيْد: 25

“Sibiilas kan isa keessa lolli jabaanii fi faayidaan namaa jiru buusne (faa'idaa isaa namaaf mullisne). Akka nama fagootti Rabbii fi ergamoota isaatiif tumsu beekuuf. Rabbiin jabaa injifataadha. (Qur'aana 57:25).

Walitti qabaan, silaMuslimootaaf hariiroo dachee waliin qaban ragaan ol'aanaan suuraa guutuu maqaa albuuda barbaachisaa kanaan waamuu caalu jiraa? Saayinsii fi

teeknooloojii hojiirra oolchuuf fi akkataawwan kalaqaa barbaachisaa, amalaa fi naamusaa amantaa irra argaman kan akka ta'an labse misoomsuuf mallattoon raggaasisaan amansiisaan aayaa kana caalu maali?

Kana caalattis aayaan Kun sibiilli badhaafama guddaa Rabbin tajaajilawwan Isaa irratti kenne akka ta'e ibsa. Yeroma walfakkaatu faayidaawwan sibiilaa danda'aman lama eera: "meeshaa lolaa jabaa" (sibiilli meeshaawwan waraanaa fi qophiiwwan humna ittisaa qopheessuuf akka fayyadu) fi "faayidaawwan" nammoonni sochiiwwan isaanii jireenya nagaa-qabeessaa ijaarfamaa keessatti sibiila kana irraa argatan akeeka.

Guddina barbaachifama sibiilli dhimmawwan nageenyaa fi waraanaa qabu bara bara keessa mirkaneeffame kana caala jabeessee kan ibsu maali? Bara nuti keessa jiraata jirruttis meeshawwan nageenya uumuufis badii qaqqabsiisuufis dhalli namaa itti tajaajilamuu danda'an keessa ol'aantummaan barbaachisaa Kan ta'e keessa sibiilli isa tokko.

Yeroo waa'ee sibiilaa dubbannu suuraa guutuu maqaan waamame irra yeroo geenu mee *suurat saba'i* keessa ayaata akkamitti sibiila laaffisuu akka danda'u Rabbiin Nabiyyuu Daawud badhaase dubbatu haayaadannu.

Kun hiikkaa yaalii qaroomiinaatiin kan ibsame, *Zul al Qarnayni* fakkii biraati kan cunqurfamanii dubachuufi wareerama fuuldura dhufu irra isaan ittisuu fedhuun akkana jedhan:

قَالَ مَا مَكَّنِّي فِيهِ رَبِّي خَيْرٌ فَأَعِينُونِي بِقُوَّةٍ أَجْعَلْ بَيْنَكُمْ وَبَيْنَهُمْ رَدْمًا ﴿٩٥﴾ ءَأَتُونِي زُبُرَ الْحَدِيدِ حَتَّىٰ إِذَا سَاوَىٰ بَيْنَ الصَّدِيقِينَ قَالَ انْفُخُوا حَتَّىٰ إِذَا جَعَلَهُ نَارًا قَالَ ءَأَتُونِي أُفْرِغَ عَلَيْهِ قِطْرًا ﴿٩٦﴾ فَمَا اسْطَعُوا أَن يَصْهَرُوهُ وَمَا اسْتَطَعُوا لَهُ نَقْبًا ﴿٩٧﴾ ۝ لَآك هَف : 95- 97

“(Innis) ni jedhe “waanRabbin kiyya isa keessatti naaf mijeessetu caala jidduu keessaniifi isaanii cufaa nan-godha humnaan na gargaaraa, muraa sibiila naaf kennaa, yeroo iddoo gaara lamaan giddu jiru guutuu “afuufaa!” jedhe. Yeroo ibidda (diimaa) isa godhu sibiila baqe isa irrattiin dhangalaasaa naa fidaa” jedhe.(Ya`ajuuji fi Ma`ajuij)isa irra koruu hin dandeenye,jalaanis isa uruu hin dandeenye. (Qur`aan 18:95-7).

Qur'aanni fakkii walta`iinsaa aadaa jidduu namaa, uumamaa fi wanta uumamaa olii wixinee mul'isa.Ammas, madaallii jidduu too`atamaa fi jijjiirama humnootadacherraa tajaajilummaa ilma namaatii fi Rabbi tajaajilan bobbocaan addeessa. Faallaa raajii kan gidduu dinqisiifama bareedinaa fi haalota uumamaatti muldhatu agarsiisa.Akkasumas gara tokkoon madaala-eegamuu jajjabinaafi dandeettii uummataa jiduu jiruu fi gara biraatiin ejjannoo jireenya hafe, dadhabina isaanii fi fedha Rabbiif qaban kan bara dheeraaf jiraatu muldhisa.

Yaadachiisa dhaabbataa ta`etu kan wantoota dandeettii uummataa fi fedhiwwan meeshaa (maateriyaalaa) fi

fedhiwwan uumamaa akka galma hin geenye ittisan irratti
 qur'aaa keessatti kaa'amee jira. Rabbiin akkan jedhe:

وَلَقَدْ آتَيْنَا دَاوُدَ مِنَّا فَضْلًا يَجْعَالُ آوِيَّ مَعَهُ، وَالطَّيْرَ وَالنَّارَ لَهُ الْخَدِيدُ ﴿١٠﴾ أَنْ أَعْمَلَ
 سَبَّغَتْ وَقَدَّرَ فِي السَّرِّ وَأَعْمَلُوا صَاحِبًا إِنِّي يَمَا تَعْمَلُونَ بَصِيرٌ ﴿١١﴾ وَلَسَلَّيْنَا الرِّيحَ غَدُوها شَهْرٌ
 وَرَوَّاحها شَهْرٌ وَأَسَلْنَا لَهُ عَيْنَ الْقَظْرِ وَمِنَ الْجِنِّ مَن يَعْمَلُ بَيْنَ يَدَيْهِ لِإِذْنِ رَبِّهِ وَمَن يَزِغْ مَنَّهُمْ عَنْ أَمْرِنَا
 نَذِقْهُ مِنْ عَذَابِ السَّعِيرِ ﴿١٢﴾ يَعْمَلُونَ لَهُ مَا يَشَاءُ مِنْ مَّحْرِبٍ وَتَمَثِيلٍ وَجَفَانٍ كَأَلْجَابٍ وَقُدُورٍ
 رَأْسَيْتِ أَعْمَلُوا أَل دَاوُدَ شُكْرًا وَقَلِيلٌ مِّنْ عِبَادِيَ الشَّاكِرُ ﴿١٣﴾ فَلَمَّا قَضَيْنَا عَلَيْهِ الْمَوْتَ مَا دَلَّكُمْ عَلَى
 مَوْتِهِ إِلَّا دَابَّةُ الْأَرْضِ تَأْكُلُ مِنسَأَتَهُ فَلَمَّا خَرَّ تَبَيَّنَتِ الْجِنُّ أَن لَوْ كَانُوا يَعْلَمُونَ الْغَيْبَ مَا لَبِثُوا فِي

العَذَابِ الْمُهِينِ ﴿١٤﴾ سبأ : 10- 14

“Daawudiif of-biraa arjummaa kennineerra. “Yaa
 gaareenii isaa wajjin (Rabbiin) qulqulleessi!” (jenne). Allaattiis
 (laaffisneef), sibiila isaaf laaffisne.

“(Kobbortaa) babal’aa fi gugguutuu taate
 hojjadhu, dha’aa keessatti likkii godhi (mismaaraa fi qaawa
 isaa wal-madaalchisi). Gaarii hojjadhaa! Ani wan isin hojjattan
 argaadha.” (jenne). Sulaymaaniif qilleensa (laaffisne).
 Ganamni isii baatiidha/ji’a tokko, galgalli isii baatiidha. () Ija
 sibiilaa/nuhaasaa isaaf yaasne. Jinni irraa nama ajaja Rabbii
 isaatiin fuuldura isaa hojjatutu jira. jara irraa nama ajaja
 keenya irraa dabe adabbii qabsiifamaa irraa isa

dhandhamsiisna. Waan inni fedhe isaaf hojjatu. Jaarmaya ol-fuudhamtuu, fakkiiwwan, magii akka naannigaa fi okkotee raggaatuu (kan guddina isii irraa bakkaa hin sochoone) irra. Yaa warra/maatii Daawud galataaf (gabbartii Rabbii) hojjadha. Gabroota kiyya irraa galateeffattoonni xiqqoodha. Ennaa du'a isa irratti murteessinu bineensa dachee (rirma) ulee isaa nyaattu male du'a isaa irratti wanti jara qajeelche hin jiru. Ennaa inni kufu jinniin osoo waan fagoo beekanii adabbii xiqqeessaa keessa hin turan jechuun ifa agale.”(34:10-14)

Suuraa biraa keesattisjecha akkana jedhutu jira:

قَالَ رَبِّ اغْفِرْ لِي وَهَبْ لِي مُلْكًا لَا يَنْبَغِي لِأَحَدٍ مِّنْ بَعْدِي إِنَّكَ أَنْتَ الْوَهَّابُ ﴿٣٥﴾ فَسَحَرْنَا لَهُ الرِّيحَ يَجْرِي بِأَمْرِهِ رُجُفًا حَيْثُ أَصَابَ ﴿٣٦﴾ وَالشَّيْطَانِ كُلِّ بَنَاءٍ وَعَوَاصٍ ﴿٣٧﴾ وَالْآخِرِينَ مُقْرِنِينَ فِي الْأَصْفَادِ ﴿٣٨﴾ هَذَا عَطَاؤُنَا فَامْنُنْ أَوْ أَمْسِكْ بِغَيْرِ حِسَابٍ ﴿٣٩﴾ ص : 35 - 39

Nijedhe “Rabbi Kiyya naaf araarami, aangoo ana booda eenyuufille hin malle naaf kenni: Dhugumatti Ati situ akkaan kennaadha”. Qilleensa isaaf laaffisne, ajaja isaatiin laaftuu taatee gara inni fedhetti deemti, shayxaanotas isaan akkaan ijaaraniif bishaan keessa akkaan lixan hunda isaaf laaffifne, warri biroos kan haadaan walitti hidhan (Isaaf laaffifne)” kun kennaa keenyea kenni! Yookiin dhorgudhu herregni homaatuu sirra hinjiru”(jenneen). (38:35-9)

Qur`aanni yaada ibsuun ittifufa:

فَفَهَّمْنَاهَا سُلَيْمَانَ ۗ وَكُلًّا ءَاتَيْنَا حُكْمًا وَعِلْمًا ۗ وَسَخَّرْنَا مَعَ دَاوُدَ الْجِبَالَ يُسَبِّحْنَ وَالطَّيْرَ ۗ وَكُنَّا

فَلْعَلِينَ ﴿٧٨﴾ وَعَلَّمْنَاهُ صَنْعَةَ لَبُوسٍ لَّكُمْ لِنُحْصِنَكُمْ مِنْ بَأْسِكُمْ ۖ فَهَلْ أَنْتُمْ شَاكِرُونَ ﴿٨٠﴾

وَلِسُلَيْمَانَ الرِّيحَ عَاصِفَةً تَجْرِي بِأَمْرِهِ إِلَى الْأَرْضِ الَّتِي بَرَكْنَا فِيهَا ۗ وَكُنَّا بِكُلِّ شَيْءٍ عَلِيمِينَ ﴿٨١﴾ وَمِنْ

الشَّيَاطِينِ مَنْ يُغْوِصُونَ لَهُ ۗ وَيَعْمَلُونَ عَمَلًا دُونَ ذَلِكَ ۖ وَكُنَّا لَهُمْ حَافِظِينَ ﴿٨٢﴾

الفرق: 79 – 82

“*Ishee (murtittii) Suleeymaniin hubachiisne, hundaafuu beekumsa murtii haqaafi beekumsa (amantiis) kennineera. Gaarreenii fi allaattiini Daawudii waliin akka Ana qulqulleessan laaffifne. Nutis hojjatoo taane. uffata sibiilaa kan yeroo wal-loltan waraana irraa isin ittisan hojjachuus isa barsiifnee jira. sila isin (Nu) hin galatoomfattanuu? Suleeymaniifis qilleensa kan ajaja isaatiin gara dachii ishee keessatti barakaa goonee yaatu (laaffifnee jirra). Nutis waan hunda beekaa taanee jirra. Sheyxaanota irraas isaan (faaya baasuuf garba keessa) isaaf lixaniifi sana malees hojii biraa hojjatantu jira. Nutis tiksoo isaani taanee jirra.*”

Qur'aana (21:79-82)

Aayaatni kunniin fakkiiwwan tokkichooma ol'aanaa qaroomina jidduu ilma namaa fi humnoota kan hinmuldhanne haala fedha Rabbitiin deebii waa uumuu danda'an kan ibsan keessa aayata xinnoo dha.

Asitti humnoota ardii fi samii keessa jiran akkaataa walta`iinsa tajaajila ilma namaa hojii isaanii hunda; dalagaawwan amantaa faarfannaa fi galataan gara Rabbi deebi`aniif walta`iinsa ajajamaniin kan hojjatu kabjni jireenyi ardii irraa argamsiifameefis kan isaanii malu:

وَمَا خَلَقْتُ الْجِنَّ وَالْإِنْسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ ﴿٥٦﴾ مَا أُرِيدُ مِنْهُمْ مِنْ رِزْقٍ وَمَا أُرِيدُ أَنْ يُطْعَمُونَ ﴿٥٧﴾

لذاريات: 56 – 57

”Jinniifi ilma namaa akka Ana qofa gabbaraniif malee hin uumne. Soorata homaatu isaana irraa hin fedhu, Akka Ana nyaachisanis hin fedhu.” (Qur`aan 51:56-7).

Asirratti tajaajilawwan Rabbin filaman lama argina. Ergamtoota Daa`udii fi Sulaymaniin humnootaumamaa bal`inaan jiran akka isaan kabajan taasifaman. Humnootni kan dhokata daangeffamni yeroo ykn ittisaan hintursiifamnee fi kan saayinsiin hin danda`amnes kan akka isaan tajaajilan taasifaman. Humnootni kun marti sibiilli, bubbeen (qilleensi), naasiin baqifame fi jinniin tajaajiltoota kan taasifaman qajeelfama uummata Rabbiin sodaatuun itti gaafatama qabuun industirii fi artiiwwan misoomsuun kaayyoo qaroomina galmaan ga`uu isaanii akka gargaaraniifi.

Seenawwan Qur`aanaa kanneen keessatti, sibiilaa fi naasiin hardhas hojii irra kan oolaniifi qaroomina ammayyaatiif baay`ee barbaachisaa kan ta`ani ykn qaroomina ijaaramsa industirii babaldhisuu wanta hunda caalu ykn filatamuu

hawwuun heddu ka barbaachisani.Rabbin nabiiyyuu Daa`udii sibiila qofa akka hin kenniniiflaaluu dandeenna. Inni akkamitti akka laaffisuu danda`aniif faaydaa irra oolchuu danda`an barsiisee jira.Kana caalattis eerama bubbee kan qorannoon ji`ograafii jiruu ardii irraa misoomsuufis ta`e barbadeessuuf sababa baay`ee barbaachisaa taate dagachuu hinqabnu.

Aayaatni kunniin kan biroo keessaa deebii gahaa ta`e namoota ilaalcha amantaawwan waaqaa bu`an ga`een isanii hordoftoota isaanii kophummatti fi si`aawummaa dhabuutti kan qajeelchan akka ta`an namoota falmaniif , amantaawwan addunyaan waagimboo misoomu qabu osoo hinta`in kan keessa dabramuu qabu qofa akka taate kan amansiisan akka ta`an namoota ragaan ala dubbataniif deebii murteessa kan keenuudha.

Namoota kanneeniif amantiin “faallaa qaroominaati “, amantaan “uumama wanta haaratiif argannoowwaniif fi uumuuf gufachiisaadha” walqunnamtiin ilmee namaatii fi uumaa isaanii jidduu jiru gara sochii fi jijjiirama dhabuu kan nama qajeelchuu fi yaada kennani.Yaadawwan (barnoota) wantoota muldhatan irratti hundeeffamantu jireenya misoomsuufi fooyyessuuf ga`ee ykn humna sochii qaba yaada jedhu kan qabani yaadni kun, guututti fudhatama kan hin qabne.

Qorannoo kana keessatti, fakkeeniyota dhibboota laakka`aman keessaa muraasa qofatuu Kan qur`aanni guutummaatti hinjifama didu fi si`ooma dhaiinsa ibsan

laataman, kun immoo amala mijataa amantaa fi haaromsa amjaajii hin madaqni taasisa.

Milkaa'ina dhabuu fi si'aa'ina dhabuun amala amantii fi ofdura tarkaanfachuun (haaromsi) amantiiwwan yaada isaanii hin jijjiirreetti mijeessu. Dhugaatti namni Rabbittiamanuun, nama adeemsawwan jiruu fi jireenyaa barataman irra duubatti deebisuujechuu miti ykn gochawwan gatii itti fayyadamaa hinqabne hojjachuu miti. Ilaalcha Islaamatiin Dhimmi guutuun amantii qulqullina barteewwan jiruu dabaluu fi caalatti baay'isuu dha. Akkaataa kanaan, Islaamuummaan adeemsa jiruu fi jiraanyaa akkasumas seenaa keessatti guutummaatti makamee kan hafu ta'a.

KITAABNI KUN

Kitaabni kun waa'ee Qur'aanaa fi Sunnaa yeroo fi bakkaan walqabsiisuun xiinxala. Akka barruu kanaatti, Islaamummaan ifnanaa fi qajeelfama; qoricha uumama hundaati (Qur'aana: 21:107). Qur'aanni tikfamaadha: waan darbe seenessa; waan keessa jirru sirreessa; waan fuulduraa hima; gaafilee fi taateewwan hordofee qoqqoodamee buufame. Qur'aana irratti beekumsa gahaa kan qaban Nabiyyoonni gaara gaaddiseessuu, galaana gargar baasuu fi ulee bofatti jijjiiruu fa'a kennaman. Mushrikoonnii fi Fir'oowna ergaa kana fudhachuu hin feene. Al-Gazaalii fi Qurxubiin Nabiyyiin (SAW) aayaatoota muraasa qofa hiikan yoo jedhan, Fakruddiin Al- Raaziin, Ibn Axiyyaa fi Ibn Sabbaag garuu faalla kanaa jedhu.

Barreessaan kitaabichaa, Rabbitti dhihaachuu fi sirna siyaasaa hawaasaa hojitti hiikuuf, Qur'aana sirritti xiinxaluun dubbisuun murteessaadha jedha. Saayinsiinwan akka tawhiidaa, tashri'aa (seera) fi usuula (madda beekkumsaa) Qur'aanarraa fudhataman: saayinsiileen seer-lugaa fi afaaniis Qur'aanarratti irkatan. Qur'aanarraa fayyadamuuf: tokkichummaan, Sunnaa Nabiyyii, aadaa fi qaroominna beekumsi Islaamummaa ittiin ammayyeeffamu qabaachuun barbaachisaadha.

Hubannaa Sunnaatiin qixa sirriitiin jiruu ilma namaa qajeelchuu, bakka bu'ummaa, jiddu-galeessummaa, yaadota hawaasaa tasgabbeessuu; faca'iinsa, ofittummaa, deggersaa fi ilaalchaawwan gartummaa hir'isuun tajaajilummaa fi hariiroo jidduu uumamaa fi Uumaa ijaaruun ni danda'ama jedha. Kitaabichi rakkoowwan hawaasa Muslimaa kanniin furuuf barnoota usulaa fi Hadiisa fooyyessuuf Dr.Yuusuf al Qaradaawiin fa'a tattaaffii guddaa godhaa turuu eera.